# XIINXALA WALSIMANNAA QABIYYEE KITAABA BARATAA AFAAN OROMOO, MOODEELA BARA 2008FI QORMAATA BIYYOOLEESSAA KUTAA 10^FFAA BARA 2008

**TSAHAAY BASHIIR**

**YUUNUVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI,**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2009 /2017**

**FINFINNEE**

# XIINXALA WALSIMANNAA QABIYYEE KITAABA BARATAA AFAAN OROMOO, MOODEELA BARA 2008FI QORMAATA BIYYOOLEESSAA KUTAA 10<sup>FFAA</sup>BARA 2008

**TSAHAAY BASHIIR**

**GORSITUU: KURII BAAY'ISAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI, OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE.**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI,**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2009 /2017**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa,**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaan Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa(MA) Afaan Oromoofi,Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Tsahaay Bashiir Mata Duree:Xiinxala Walsimannaa Qabiyyee Kitaaba Barataa Afaan Oromoo,Moodeelaa Bara 2008fi Qormaata Biyyooleessaa Kutaa 10[ffaa] Bara 2008 jedhuun qophaa'e,sadarkaan yuunivarsiitiin kaa'een guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa____________________ Mallattoo_________ Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa________________ Mallattoo_________ Guyyaa_____________

Gorsaa_______________________ Mallattoo_________ Guyyaa_____________

______________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa(MA)

# *Axereera*

*Kaayyoon gooroo qorannoo kana walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa, moodeelaafi qormaata biyyooleessaa kutaa 10 bara2008 xiinxaluudha.Kanaaf meeshaaleen ragaan ittiin sassaabame sakatta'insa sanadaafi afgaaffii yoota'u, ragaa kanneeniin sassaabame qaacceessuuf malli makaa( hammamtaafi akkamtaan) faayidaa irra oolanii jiru.Ragaalee gabateen dhiyeessuun dhibbeentaafi lakkoofsaan tarreeffamanii jiru.Bu'aan qorannoo ragaalee irraa argame akka ibsuutti bara 2008 qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa dhiyaatan walsimannaa qabiyyee kitaabaa wajjiin qaban yemmu ilaallu qormaanni moodeelaafi qormaanni biyyooleessaa qabiyyee kitaaba barataa kutaa9^ffaa^fi 10^ffaa^ wajjiin walsimannaan isaa,walgitiinsaa qabiyyee fi bakka bu'ummaa qabiyyee kan qabu miti. Kana jechuun kitaaba barataa irratti xiyyeeffannoo olaanaa kan argate dandeettii dubbisuu yoota'u, qormaata biyyooleessaafi moodeelaa irratti garuu caasluga dha. Karaabiraatiin qabiyyee dandeettiiwwan afaanii (dubbachuu, dhaggeefachuufi barreessuun) kitaaba barataa irratti uwwisni kankennameef yoo ta'u, qormaata moodeelaafi biyyooleessaa irratti gonkumaa kan hinjirredha.Kanaafuu qormaanni moodeelaafi biyyooleessaa qabiyyee kitaaba barataa wajjiin walsimannaa qabiyyee hin qabu. Akka yaada furmaataatti qorattuun eerte qabiyyeewwan kitaaba barataa irratti xiyyeeffannoo olaanaa qaban baay'inni gaaffiiwwan qormaata moodeelaafi biyyooleessaa irratti bahaniin walsimachuu akka qabaniifi qabiyyeewwan dandeettii afaanii (dubbachuu, dhaggeeffachuufi barreessuu) hojiirra oolchuuf rakkisa ta'us, qophaatti barataaf dhiyaachuun qabxii qormaata moodeelaafi biyyooleessaa irratti ida'amuun osoo kaahamee jetti.Gama biraatiin walsimannaan qormaata moodeelaa fi biyyooleessaa yoo ilaalle qabiyyeen uwwisa argate irra caalaatti walfakkaatu. Haata'umalee qormaata biyyooleessaa irratti qabiyyeewwan argaman tokko tokko kan qormaata moodeelaarratti hin jirree dha. Qabiyyee gaaffii qormaatarra hinjirre tokko tokko, guutuumaan guutuutti qormaata biyyooleessaarratti qophaa'ee kennamee filatamaa dha.*

# Galata

Hunda dura adeemsa raawwii qorannoo kanaaf sirreeffama, gorsaafi qajeelfamoota adda addaa barbaachisan jalqabaa hanga dhumaatti kan naaf kennite, akkasumas hifannoo tokko malee nakeessummeessite gorsitu koo Aaddee Kurii Baay’isaa galanni keessan hammana hinjedhamu; fayyaa ta’aa! ija hamtuu isinirraa haaqabu.

Itti aansuun Haadhaafi abbaa koo yaada, hamileefi gorsa adda addaa naaf kennaniifi najajjabeessaa turan akkasumas guddinaafi milkaa’inni koo isaan gammachisu Aaddee Shamsiyyaa saxxannaafi Obboo Bashiir Muhammad galanni keessan Jaannata olaanaa haata’u. Obboleewwaan koo yaada deeggarsaa adda addaa naaf kennitan, barreeffama barreessuun nagargaartaniifi hojii qorannoo koo‘e-mail’n gara gorsituutti naaf ergitan galanni koo guddaadha.

Dabalataan, barsiisota mana barumsa sad.2ffaa Jaarraa kitaabotaafi barreeffamoota adda addaa naaf kennuun nagargaartan galanni koo dachaadha.Keessattuu b/tuu Kabbabush Takleefi b/saa Alamaayyoo Dabruu Horaa bulaa! jedha. Odeefkennaa kiyya bakka bu’aa ogeessa qormaata moodeelaa kanta’e odeeffannoo hifannaa malee nakennitaniif galatoomaa gurri keessan haa fagaatu.

Dhumarratti yuunivaristii MaddaWalaabutti barsiisaa afaanii kanta’e b/saa Suufiyaan Aloo yaadaafi maateriyaalii adda addaa naaf kenne jajjabaadhu! ija hamtuu sirraa haa qabu jedha.Yuunivarsitiin Addisa Ababaa baasii qorannoo kan naaf kenne osoo hingalateeffatin bira hindarbu.

# Baafata

**Mata- duree** **Fuula**

Axereeera ... i

Galata ... ii

Tartiiba Gabateewwanii ... vi

**Boqonnaa Tokko: Seensa** ... 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 6

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ... 8

1.4. Faayidaa Qorannichaa ... 8

1.5. Daangaa Qorannichaa ... 9

1.6. Hanqina Qorannichaa ... 9

**Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu** ... 11

2.1 Maalummaa Qormaataa ... 11

2.1.1 Qormaata Afaanii ... 12

2.1.2 Seenaa Qormaata Afaanii ... 13

2.1.3 Walitti dhufeenya barnoota afaaniifi qormaata afaanii ... 14

2.1.4 Kaayyoofi Faayidaa Qormaata Afaanii ... 15

2.1.4.1 Kaayyoo Qormaata Afaanii ... 15

2.1.4.2 Faayidaa Qormaata Afaanii ... 16

2.1.5 Gosoota Qormaata Afaanii ... 17

2.1.5.1 Qormaata Dandeetti Duraa Safaru ... 17

2.1.5.2 Qormaata Ramaddii ... 18

2.1.5.3 Qormaata Ciminaafi Dadhabina Addaan Baasu ... 18

2.1.5.4 Qormaata Gahumsaa ... 19

2.1.5.4.1 Qabiyyee Qormaata Gahumsaa ........................................................ 20
2.1.5.4.2 Mala Dhiyaatiinsa Qormaata Gahumsaa .......................................... 21
2.1.6 Amaloota Bu'uuraa Qormaata Gaarii ........................................................... 22
2.1.6.1 Amansiisummaa (reliability) ..................................................................... 22
2.1.6.2 Qabatamummaa (practicality) ................................................................... 23
2.1.6.3 Barbaachisummaa (validity) ...................................................................... 23
2.1.6.3.1 Barbaachisummaa Ijaarsaa (contruct validity) .................................... 24
2.1.6.3.2 Barbaachisummaa Qabiyyee (content validity) ................................. 25
2.1.7 Gabatee Gahumsa Qormaataa/Table of specification/ ................................... 26
2.1.8 Ulaagaalee qophaa'insa qormaataa ................................................................. 27
2.2 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ............................................................................ 29
**Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi Mala Qorannichaa** .......................................................... 31
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........................................................................................... 31
3.2. Madda ragaalee ................................................................................................... 32
3.3. Mala ragaan ittiin funaannamu ........................................................................... 32
3.3.1 Sakatta'a dookumantii ........................................................................................ 32
3.3.2. Afgaaffii ............................................................................................................ 33
3.4. Mala Iddattoo ........................................................................................................ 33
3.5. Adeemsa Ragaalee Funaanuu .............................................................................. 34
3.6. Mala ragaa qaaccessuu ......................................................................................... 34
**Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee** ............................................................................ 35
4.1 Ibsa Gabaabaa Waa'ee Madda Ragaalee ............................................................. 35
4.2 Ragaalee Sanadarraa Argaman ............................................................................. 36
4.2.1 Kitaaba barataa kutaa 9ffaa ................................................................................ 36

4.2.2 Kitaaba Baratаa kutaa $10^{ffaa}$ .......... 39

4.2.3 Kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$ fi $10^{ffaa}$ .......... 42

4.2.4 Qormaata Moodeelaa .......... 43

4.2.5 Qormaata Biyyooleessaa .......... 45

4.2.6 Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ qormaata moodeelaa bara 2008 wajjiin qabu. .......... 47

4.2.7 Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ qormaata biyyooleessaa Bara 2008 wajjiin qabu. .......... 52

4.2.8 Walsimannaa qabiyyee qormaata moodeelaa bara2008 qormaata biyyooleessaa bara 2008 wajjiin qabu. .......... 55

4.2.9 Qaacceessa Odeeffannoo Afgaaffii Ogeessa Qormaataa .......... 57

**Boqonnaa- Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa** .......... 61

5.1 Cuunfaa Qorannichaa .......... 61

5.2 Argannoo Qorannichaa .......... 63

5.3. Yaada Furmaataa .......... 64

Wabiilee .......... 66

Dabaleewwen

## Tartiiba Gabateewwanii

Gabatee Fuula

Gabatee 1: Kitaaba barataa kutaa 9ffaa Afaan Oromoo keessatti Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan uwwifaman. ........ 38

Gabatee 2: Kitaaba barataa kutaa 10ffaa Afaan Oromoo keessatti qabiyyeewwan uwwifaman. ........ 41

Gabatee 3: Kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan uwwifaman ........ 42

Gabatee 4: Qormaanni Moodeelaa bara2008 Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan of keessatti hammate. ........ 44

Gabatee 5: Qormaanni Biyyooleessaa bara2008 Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan barnootaa of keessatti hammate. ........ 46

Gabatee 6: Qabiyyeewwanfi Gaaffiiwwan kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa fi Qormaata Moodeelaa walbira yemmu ilaalaman. ........ 47

Gabatee 8: Qabiyyeefi Gaaffii qormaata moodeelaafi biyyooleessaa ........ 55

Gabatee 7: Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa fi qormaata biyyooleessaa ........ 52

# Boqonnaa Tokko: Seensa

Seensi qorannoo kana keessatti boqonnaa jalqabaati. Mataduree xiinxala walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa AfaanOromoo, qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa kutaa10[ffaa] bara2008 jedhu irratti dhimmoota hojjatame gabaabinaan itti ibsamedha. Isaanis, ariirrata qorannoo, ka'umsi qorannoo, kaayyoo qorannoo gooroofi gooree, barbaachisummaa qorannoo, daangaafi hanqina qorannoo kankeessatti hammatameedha.

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Barumsi Afaan Oromoo akka waliigalatti, kan jalqabame bara 1984 irraa eegalee akka ta'e ni beekkama. Fakkeenyaaf, barumsi kutaalee tokkorraa hanga shanatti bara 1987 akka yaaliitti yoo kennamu, bara1988 hojiirra akka oleetu hubatama. Sadarkaa tokkorraa hanga sadarkaa lammaffaatti barumsi hundi isaanii Afaan Oromootiin akka baratamu kan taasifame bara 1987 irraa eegaleeti. Akkasumas, barumsi Afaan Oromoo mataa isaa danda'ee akka barumsa tokkootti kutaa tokkoorraa eegalee hanga sadarkaa digrii lammaffaatti kennamaa jiru.

Adeemsa baruu-barsiisuu kana keessatti haalli mijataan dhufeera. Haalli mijataan dhufe kunis qorumsi Afaan Oromootiin itti kennamus karaa banaa dhufe jechuun nidanda'ama. Bara 1990tti qorumsi barumsa xumura sadarkaa lammaffaa kutaa 12[ffaa] yeroo duraatiif akka yaalitti kennamu eegale.Bara 1993tti qorumsi biyyaa xumura kutaa kurnaffaafi kudha lammaffaa akka waliigalaatti kennamuu jalqabame.

Barattoonni qormaata biyyooleessaarratti qabxii gahaa akka fidaniif Biiroon Barnoota Oromiyaa  qormaata moodeelaa qopheessee shaakalchiisuu kan eegale bara 2005 akka ta'e odeeffannoon Biiroo Barnoota Oromiyaa irraa argame nimul'isa.

Qormaanni barsiisaan tokko barumsa barsiisuun dura beekumsa barattoonni qaban beekuuf, beekumsa waytii baruu barsiisuu, erga baratanii booda barattoonni barumsa hangam takka akka hubataniifi akka hordofan, dandeetti yoo ta'e hangam takka akka shaakalan addaan baasuuf jecha kankennamu. Akkasumas odeeffannoo adda addaa argachuuf gocha nama gargaaruudha. Linn and Gronlund (1995), akka jedhaniitti qormaanni ykn madaalliin jalqaba irratti, osoo barnoonni adeemsifamaa jiruufi dhuma

barnootaa irratti kennamuu mala.Sababnisaas, hubannoo barattoonni mata duree dhiyaatu tokko irratti qaban ykn hangam takka kaayyoo barnoota kanaan dura dhiyaateef galmaan akka gahatan madaaluuf, dogongora barnoota dhiyaatee toohachuufi sirreessuuf, hubannoofi beekumsa barattoota irratti yaadduubee kennuufi bu’aa dhumaa barattoota beeksiisuuf kan gargaaru tahuusaa ibsanii jiru. Kanaafuu, qormaanni gocha baruu barsiisuu keessatti jalqaba, gidduufi xumura barumsa irratti kankennamuufi gocha baruu barsiisuu irraa adda bahee kanilaallamu akka hintaane nu hubachiisa. Kana ilaachisuun (Harrison, 1983:1), akka ibseetti, “Adeemsi baruu barsiisuu hanga jirutti barsiisuufi qormaanni adda bahanii hin ilaallaman” jedha.

Karaa biraatiin yaada armaan olii kana cimsuuf Heaton (1975), barsiisuufi qoruun walitti dhufeenya cimaa akka qabaniifi lamaan addaan baasuun ilaaluun kan hindanda’amne ta’uu ibsee jira.Kanaafuu qormaata qaama baruu barsiisuu gochuun fudhachuu ni danda’ama.Sababnisaas barsiisaan haala barumsa itti kennu,akkaata barattoonni barumsa fudhatan ykn dandeetti isaanii beekuuf akkasumas barumsa hangam takka akka hordofaniifi barumsiis barattoota irratti jijjiirama fide adda baasuuf gocha kennamu ta’uu agarsiisa.

Gocha adda addaatiif jecha qormaanni niqorama.Beekumsa barataa mirkaneeffachuuf, hanga dandeettii afaan isaanii adda baafachuuf, mala baruu barsiisuu fooyyeessuufi dhimmoota kkf niif. Akka hayyuun (Bachman,1990) ibseetti, qormaanni kana qoramuuf raawwii tokko ilaachisee murtii kennuuf, dandeetti afaanii beekuuf, mala afaan barsiisuu fooyyeessuuf, gahumsa afaaniifi itti fayyadama afaanii barattootaa hubachuuf qormaanni gara garaa akka kennamu ibsa.

Linn and Gronlund (1995), madaalliin tooftaa ittiin galma gahiinsa barattootaa qorannu yoo ta’u, qormaanni gosa madaallii keessaa tokko ta’ee, walitti qabaa gaaffilee kanyeroo murtaa’e keessatti barattoota hundaaf rabsamu jechuun kahaan. Itti fufuun kaayyoo guddaan qormaataafi madaallii daree, galma gahiinsa barattootaa irratti odeeffannoo gahumsa qabu, kandhugaa taheefi faayida qabeessa argachuuf kangargaaru tahuu ibsan. Ibsa kanarraa akka hubannuutti adeemsa baruu barsiisuu keessatti qormaanni murteessaa ta’uufi gosa madaalli keessatti kanhammatamu ta’u isaati.

Faayidaa qormaataa ilaachisee (Desalegn and Girma, 2009), waabeeffachuun (Suufiyaan, 2004) akka ibseetti, qormaanni faayidaa heddu qabaachu isaati.Kanneen keessaa murtiiwwan barnootaa kennuuf, murtiiwwan bulchiinsaa ibsuuf, itti gaafatamummaa bahuufi sirna barnootaa madaaluuf,  akkasumas, tajaajila gorsaa kennuuf akka gargaaru ibsaniiru. Yaada kanarraa akka hubannutti faayidaa qormaataa kallattiiwwan adda addaan ilaaluun kandanda'amu ta'uu isaati.

Hughes (2003) akka ibsetti, bu'aan qormaataa adeemsa baruu-barsiisuutiif daandii haxaawa. Kana jechuun, qormaanni barattootaaf bu'aa qabeessa ykn miidha qabeessa tahuu danda'a. Haalli qophii qormaataa gochaalee adeemsa baruu-barsiisuu irratti olaantummaa yoo godhe qormaatichi barbaachisaadha ykn bu'aa qabeessa taha. Garuu, qabiyyeefi  tooftaan qormaanni itti qophaa'e kaayyoo barnootichaatiin garagara yoo tahan, qormaanni bu'aa qaba osoo hintaane, miidhaa qaba jechuun ibsa kennee jira. Akka yaada kanaatti qormaanni tokko haala gaariin qabiyyeefi kaayyoo barnoonni tokko karoorfameef faana bu'ee tooftaalee qormaanni qophaa'uun hordofee yoo qopheeffame adeemsa baruu-barsiisuutiif bu'aan inni kennu olaanaa akka tahe hubanna.

(Heaton, 1975, p.1) waa'ee qormaata afaanii yemmu ibsu, qormaanni afaanii barattoonni afaan saniin maal gochu danda'u kaayyoo jedhu irratti kanxiyyeeffatuudha.Jireenya guyyaa guyyaa keessatti yaada waljijjiiruuf kanitti tajaajilaman itti fayyadama afaanii waan qabaniif gama gocha baruu barsiisuutiin gahee ol aanaa akka qaban ibsaniiru.

Heaton (1990), qormaanni afaanii barattoonni yeroo murtaa'e irratti hundaa'uun barumsa afaanii qophaa'eef akka baratan yemmuu walitti qabamu dandeetti afaanii afran horachuu ykn horachuu dhabuu mirkaneessuuf kankennamu mala madaalliiti. Adeemsi kunis, qabiyyeen barnootaa akka itti fufuufi akka addaan hincinneef kantaasisuudha jechuun ibsu.Ibsa kanarraa hubachuun kandanda'amu, qormaanni afaanii, barumsa afaanii keessatti adeemsa baruu barsiisuu madaaluufi haala barattootaa walumaagalatti beekuuf akkasumas gocha itti fufu murteessuuf ragaa adda duree meeshaa ta'eedha.

Qormaanni afaanii kantaasifamu caasaa afaaniifi qabiyyee afaanii sakatta'uufi wal madaalchisuun murtii kennuuf jechuudha. Barsiisonni afaan baruu barattootaa guyyaa guyyaan hordofuun madaalun barbaachisaadha. Madaalli kanarraa ka'uun dandeetti

afaanichaa dubbachuu danda'u. Kanaafu, qormaanni afaanii beekumsa ykn dandeettii barattootaa madaaluuf fayyada jechuudha.

Waa'ee qormaata afaanii Tasfaaye (1981:121) akka ibseetti, "Qormaanni kanbaratan beekuufi beekuu dhabuu saanii adda baafachuuf waan ta'eef, qoramu kan qabaniis kan barataniifi kan itti kenname akka beekaniif ta'uu qaba" jechuun ibsa. Kunis, qormaataaf gaaffiiwwan dhiyaatan kanbarattoonni dursanii barataniifi qabiyyee hubatan irratti hundaa'uun akkasumas dandeettii barattootaatiin ala haara ta'ee kan hin argamne ta'uu qaba jechuun ibsa.

Karaabiraatiin, qormaanni kenninu tokko gahumsa qabaachuu qaba. Gahumsi qormaataa kanmadaalamu qabiyyee barataniifi qormaanni hariiroo qabaniidha.Kana ilaachisuun, Salkind (2007:22), "Gahumsi qabiyyee qormaataa, amala qormaataa keessaa tokko ta'ee, gaafileen qormaataa qophaa'an bakka qabiyyee keessaa bahan bakka bu'uu yoo danda'an" jedha. Dabalataanis, (Hughes, 1989), qormaanni tokko gahumsa qaba jedhamuuf waan madaaluu barbaanne karaa sirriin madaalleefi gaaffilee qormaatichaa qabiyyee qormaatichi karoorfameef bakka bu'uu yoo danda'e qofa jedha. Ibsa kanarraa akka hubannuutti gaafileen qormaatichaaf qophaa'an qabiyyee barnootichi karoorfamee barsiifame haala danda'ameen kan bakka bu'an yoo tahaniidha. Qabiyyeen barnootichaa kanargamu kitaaba barnoota irratti.Kanaafuu, qabiyyeen kitaaba barataafi qormaataa walsimee kanadeemu ta'uu barbaada.

Qormaanni barnoota afaanii, adeemsa barnoota afaaniif mijataa akka ta'uuf yeroo dheeraaf hojiirra kanoolan ta'uu dabalatee, waytii hunda kan madaalamuufi kan sakatta'amu ta'aa tureera.

Akka Hayyuun (Bachman 1990:7), "Qormaatichi kanmadaalamuu qabus ogeessa qormaataatiin, qu'attootaaniifi ogeessa barumsaatiin" jedha.

Qormaanni afaanii adeemsa barnootaa irratti murtii kennuufi, odeeffannoo kennuuf kan tajaajiluufi naannoo barnoota afaanii irratti qorannoo gaggeeffamuuf madda odeeffannoo ta'ee waan nu gargaaruuf karaa adda addaan madaalliin gaggeeffamaa tureera ; ammas irratti gaggeeffamaa jira.

Sadarkaa barnootaa hundaarratti qormaanni Afaanii kangaragaraa qophaa’uun ni kennama. Isaan keessaa yeroo adda addaa battallee dareetti kennamu, seemisteeraafi dhuma waggaarratti qormaata kennamu, qormaata moodeelaa, qormaata biyyooleessaafi qormaata naannooleen kennamu keessatti argamu.Qormaanni moodeelaa maqaa isaarraa akka hubannuutti qormaata itti aanuuf fakkeenya ta’uu kandanda’uufi qormaata isa ofdura barattoonni qoramaniin walfakkaataa kanta’eedha. Qormaanni biyyooleessaa immoo, barattoonni sadarkaa tokko xumuruun gara sadarkaa biraatti ce’uuf ykn gahumsa isaanii mirkaneeffachuuf xumura irratti kennama.Kana yemmuu jedhamu, qormaatoonni kunniin, qabiyyee barnootaa hammatan, baay’ina gaaffiiwwan qabatan, gaaffiiwwan hundinuu bifa filannootiin dhiyaachuun, dheerinni waytii qormaataa qoramuuf kennamufi waraqaa deebii irratti gurraacheessun, deebii agarsiisuun, qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa walfakkeessa.Garaagarummaan isaanii, qormaanni moodeelaa sadarkaa biiroo barnoota oromiyaa ogeessota barnootaatiin kan qophaa’u yoo ta’u, qormaanni biyyooleessaa dhaabbata qormaataatiin kan qophaa’uudha. Qorattuunis qormaattoota kanneen qabiyyee kitaabaa wajjiin walsimachuu isaanii sakatta’uuf qorannoo kana gaggeessite.

Qormaata afaanii keessaa qormaanni AfaanOromoo tokko. Haata’umalee,qorannoowwan heddu irratti gaggeeffame qorattuu tana hinqunnamne.Kanaafuu,qorattuunis walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa, qormaata moodeelaa kutaa 10$^{ffaa}$kan bara2008fi qormaata biyyooleessaa kankutaa 10$^{ffaa}$ bara2008 xiinxaluu jedhu irratti hojii qorannoo kana taasiste.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qabxiiwwan ijoo qormaata tokkoof barbaachisanfi ka'umsa qorannoo kanaa ta'uun gargaaran keessaa, qormaanni tokko gahumsa qabaachuu qaba. Salkind (2007:22) yemmuu ibsu, "Gahumsi qabiyyee qormaataa amala qormaataa keessaa tokko tahee gaaffileen qormaataaf qophaa'an qabiyyee keessaa bahan bakka bu'uu yoo danda'ani" jedha.Dabalataan, Hughes (1989), qormaanni tokko gahumsa qabiyyee qaba jedhamuuf yoo waan madaaluu barbaade karaa sirriin madaaleefi gaaffileen qormaatichaa qabiyyee barumsichi karoorfameef bakka bu'uu yoo danda'e qofa jechuun ibsa. Akka ibsa kanaatti gaaffileen qormaatichaaf qophaa'an qabiyyee barnootichi karoorfamee barsiifame haala danda'ameen kanbakka bu'an yoo tahaniidha.

Gama biraatiin gabateen murteessituun qormaataa nibarbaachisa. Qormaanni qophaa'u tokko maaliifi akkamitti akka qorru odeeffannoo kennuuf kangargaaruudha.Alderson et al. (1995) waa'ee kanarratti yaada isaanii yoo ibsan: gabateen murteessituun qorumsaa, nama qormaata qopheessu tokko qajeelchuuf gargaara jedhu. Barsiisaan qormaata mormii irraa bilisa taheefi qabiyyee barsiifame bakka bu'uu danda'u qopheessuuf gabateen gahumsaatti gargaaramuun murteessaa akka tahe (Desalegn and Girma, 2009) ibsanii jiran.Barsiisaan tokko hamma danda'ameen malaafi xiyyeeffannoo qormaataa addaan baafachuuf kaayyoofi qabiyyee barnootaa walitti fiduufi qormaata madaalawaa ta'e qopheessuuf gabateen gahumsa murteessaadha (Mehrens & Lehman, 1991).

Dabalataan, qorannoon kunwaa'ee qormaata barnoota afaan oromooirratti xiyyeeffata. Afaan oromoo afaan barnootaa kanta'e waggoota dhiyeenya keessa waan ta'eef, qormaata isaarratti qorannoowwan heddu kangaggeeffame hin mul'atu.Kana yemmu jedhamu guutumaan guutuutti hin dalagamne osoo hin taane gahaa miti jechuudhaafi

Qorannoowwan qormaata afaan oromoorratti dalagaman keessaa Sufiyaan (2012), sakatta'a Qulqullina Qormaata Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa Baroota 2007-2011 Keessa Mana Barumsa Jaarraa Sadarkaa Lammaffaatti Qophaa'e kan jedhu yoo fudhanne argannoon isaa haalli qormaanni afaan oromoo kutaa 9ffaaf baroota 2007-2011tti Mana barumsa Jaarraa sadarkaa 2ffaatti qophaa'aa turan harki caalu hanqinna adda addaa kan qabaniifi sirreeffama kan barbaadan ta'uufi qulqullinni gaaffilee qorumsaawwanii gadi

bu’aa ta’uu kaa’a. Qorataan Girmaan (2007) ga’umsa qabiyyee qorumsa Afaan Oromoo Kutaa 10[ffaa] barsiisaa dareen qophaa’e Manneen barumsaa sad.2[ffaa] Godina Wallaggaa Lixaa keessaa filatame jedhu irratti qormaanni qophaa’aa turen gahumsa qabiyyee kan hin qabne tahuu, dandeetti afaanii barsiifaman hundi qormaata irratti akka hin bahiniifi gaaffileen bicuun dandeetti barattootaatiin kan walhinsimne ta’uu ibsee jira. Qorataan Xibabuu (2008) immoo Qaaccessa Ga’umsa Qabiyyee Moodeelaa Qormaataa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10 Bara 2007 jedhu irratti argannoon argate moodeelli qormaata barnoota afaan oromoo kutaa 10 bara 2007 ga’umsi qabiyyee xiqqaa akka qabu kaheera.

Karaabiraatiin gama qormaata biyyooleessaatiin hojjatame yoo ilaalle Jeeylaan (2007) qormaata guutuu biyyaa bara 1998 irraa bu’aan argate haalli qormaanni Afaan Oromoo itti qophaa’e, qabiyyeewwan barsiifamaniifi qorumsi guutuu biyyaa kan walhinsimanne ta’uu ibsee jira.Kanaafuu, haalli qophii qormaata Afaan Oromoo guutuu biyyaa itti qophaa’e gahumsa hinqabne jechuun kaa’eera.

Qorannoowwan hojjataman kanarraa qorannoo qorattuu tanaa adda kan taasise: (1) Qorannoon gaggeessitu qabiyyee kitaabaa wajjiin qormaanni walsimachuu, (2) Qormaata lama isaanis:qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa walbira qabuun walsimachuu ilaaluu, (3) Qormaanni irratti hojjattu kan 2008 ta’uu, (4) Qabiyyeen kitaabaa, qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa waliin hariiroo qabaachu  ilaaluu, (5) Qormaanni ilaaltu kan barsiisaa dareen dhiyaatu osoo hintaane Ministeera barnootaatti ogeessa qormaataatiin kan bahan ta’uu dha. Kanaafuu, mata duree “Xiinxala Walsimannaa Qabiyyee Kitaaba Barataa Afaan Oromoo, Moodeelafi Qormaata Biyyooleessaa Kutaa 10 bara 2008” jedhu qorachuuf qorattuu kan  kakaase, qormaanni kunnin Ministeera Barnootaatti ogeessa qormaataatiin qophaa’uun isaa qabiyyee barnootaa wajjiin walsimatuu? Haalli qophii qormaataa hariiroo gabatee gahumsaa wajjiin qaban ilaaluufi qabiyyee kitaabarraa kanbu’uureeffatan ta’uu ykn ta’uu dhabuu mirkaneessuufi.

Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee asiin gadiitiif deebii barbaaduudha.

1. Qabiyyeen kitaaba barataa afaan oromoofi qormaata moodeela bara2008 walsimataa?
2. Qabiyyeen kitaaba barataa afaan oromoofi qormaanni biyyooleessaa kutaa 10 bara2008  walsimataa?

3. Qormaata moodeelaa kutaa $10^{ffaa}$fi qormaata biyyooleessaa kutaa $10^{ffaa}$bara 2008 hariiroo qabuu?
4. Qabiyyee kitaabichaa wajjiin kanwalhinsimanne hammami?
5. Hayyoonni qormaata moodeelaa qopheessan gabatee gahumsaa fayyadamanii jiruu?

**1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa**

Qorannoon kun jalqabamee hanga xumurameetti yemmuu gaggeeffamaa ture kaayyoo gooroofi gooree ofkeessatti hammate.Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa: Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa afaan oromoo, moodeelaafi qormaata biyyooleessaa kutaa 10 bara2008 xiinxaluudha. Kaayyoo gooroo armaan oliitti kaayame kanarraa kahuun qorannoon kun kaayyoo gooree armaan gadii kana qaba.

1. Qormaanni moodeelaa qabiyyee kitaaba barataa wajjiin hangam takka akka walsimannaa qaban sakatta'uu.
2. Qormaanni biyyooleessaa qabiyyee kitaaba barataa wajjiin nideeman moo hindeeman kan jedhu adda baasuun xiinxaluu.
3. Qormaanni moodeelaafi qormaanni biyyooleessaa kutaa $10^{ffaa}$ bara 2008 walsimannaa qabiyyee qabaachu isaanii sakatta'uu.
4. Qabiyyee kitaabichaa wajjiin kan walhinsimanne hammam akka ta'e xiinxaluu.
5. Hayyoonni qormaata moodeelaa qopheessan gabatee gahumsa qormaataa fayyadamuu sakatta'uun ibsuu.

**1.4. Faayidaa Qorannichaa**

Sadarkaa kutaa hunda keessatti qormaanni adda addaa kan kennamu, yeroo mara madaaluufi sakatta'uun, gahumsaan qormaata qopheessuuf gahee olaanaa qaba.Kanaafu bara 2008 qormaata biyyooleessaafi qormaata moodeelaa kutaa $10^{ffaa}$f bahe qabiyyee kitaaba barataa afaan oromoo wajjiin hariiroofi walsimannaa qaban sakatta'uuf yemmu yaalamu, qorannoon kun faayidaawwan armaan gadii ni qabaata jedhame yaaddama.

- Qaama qormaata qopheessuuf yeroo qormaata biyyooleessaafi qormaata moodeelaa qopheessan xiyyeeffannoo cimaa akka godhaniif ragaa barbaachisaa nieeraaf.
- Barattootaaf qormaata qabiyyee wajjiin deemu akka qophaa'uuf gargaara.
- Qormaanni biyyooleessaafi qormaanni moodeelaa qabiyyee kitaaba barataa wajjiin walsimannaan akka qophaa'uuf yaada barbaachisaa nieera.
- Namoonni qorannoo walfakkaatu gaggeessu barbaadaniif akka ka'umsaatti itti fayyadamu.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qormaanni adeemsa baruu barsiisuuf gahee olaanaa qaba. Kanaafuu, yeroo hunda kan kennamuudha. Innis: waytiin, torbaaniin, ji'aan, seemisteeraafi waggaan akkuma karoora waliigalaatiin kennama. Karaabiraatiin, qormaanni ogeessota garagaraafi iddoo garagaraatti kan qophaa'udha. Haata'umalee qorannoon kun, qormaata waggaan sadarkaa biyyooleessatti kennamuufi ogeessa qormaataatiin Ministeera barnootaatiin qophaa'u ilaallata.Kanaafuu, matadareen qorannoo kanaa Xiinxala Walsimannaa Qabiyyee Kitaaba Barataa AfaanOromoo, Moodeela bara 2008fi Qormaata Biyyooleessaa Kutaa 10 bara 2008 jedhu irratti kan daanga'e dha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorattuun yemmu qorannoo kana gaggeessaa turteetti, rakkoowwan armaan gadii isii mudate jira.Isaanis, meeshaalee ragaa ittiin funaannattu keessaa tokko afgaaffiidha. Afgaaffiin gaggeessamu qormaata biyyooleessaafi moodeelaarratti.Qormaata kana kan qopheessu dhaabbata qormaataa (qormaata biyyooleessaa) fi biiroo barnoota oromiyaa (qormaata moodeelaa) ti. Kanaaf, ragaa sassaabachuuf dhaabbata qormaataa yeroo deemeetti odeefkennitoota argachuu hindandeenye.Sababni isaa qormaata biyyooleessaa warroonni qopheessan isaanu walhinbeekan (iddoo garagaraati walitti dhufu) waan ta'eef, hinargattu jedhame jira. Kanaaf, qormaata kana sakatta'a sanadaa qofaan hojjachuutti dirqame jira.Karaabiraatiin qormaata moodeelaatiif ragaa sassaabachuuf yeroo biiroo barnootaa deemeetti saffisaan argachuu hindandeenye.Yeroon sun yemmu qormaata moodeelaafi ministirii qopheessuun iddoo iddootti raabsamudha. Kanaaf, ragaa argachuuf

yeroo baay'ee deddeebi'uun yeroon narra gubachuu danda'e jira.Akkasumas, Odeefkennitoota hunda argachu waan hindandeenyeef bakka bu'aa ogeessa qormaataa qofarraa ragaa sassaabba'e jira. Karaabiraatiin, qorannoo kana yemmu gaggeessu yeroo barnoota daree itti barsiisnu ta'uu bira darbee iddoon ani itti barsiisu yuunivaristiirra fagachuun isaa kitaabota wabiif nabarbaachisan argachuun rakkisa ture. Garuu qorattuun yeroo argatte hunda dugugde fayyadamuun kitaabota argachuu dandeeche jirti. Isaan kunrakkoolee qorattuu qunnaman keessaa isaan ijoo dha.

# Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu

Boqonnaan kun qorannoo wajjiin barreeffama firooma qaban,walitti dhufeenya qabaniifi yaadota barbaachisaa ta’an itti sakatta’amaniidha.Inni kunis kutaawwan gurguddoo lama kan ofkeessatti qabatu yemmu ta’u,sakatta’a barruu yaadrimeefi sakatta’a barruu walfakkiiti.sakatta’a barruu yaadrimee keessatti barreeffamoota qormaataan walqabatan mataduree adda addaa :maalummaa qormaata jalatti(malummaa qoramaata afaanii,seenaa qormaata afaanii, kaayyoofi faayidaa afaanii),gosoota qormaata afaanii,amaloota bu’uuraa qormaata gaarii,gabatee gahumsa qormaataafi ulaagaalee qophii qormaataa kandhiyaate yoo ta’u, sakatta’a barruu walfakkii keessatti qorannoo mata duree isheetiin walitti dhiyaatan itti ibsamedha.

## 2.1 Maalummaa Qormaataa

Waa’ee qormaataa hayyoonni addaaddaa hiika kennaniijiru. Isaan keessaa:Yaalaw(2004), qormaata jechuun gaaffiiwwan murtaa’anii qophaa’an karaa ifa ta’een haala xiinsammuu qaramtootaa ilaalchisee ragaa walitti qabuuf safartuu gargaaruudha jedha.Akka ibsa hayyuu kanarraa hubannuutti qormaanni walitti qabama gaaffiiwwanii ta’ee, ragaa argachuudhaaf gochaa gargaaruudha.

Desalegn and Girma (2009), qormaanni yeroo baay’ee yammuu ibsamu, tuuta gaaffilee ta’ee barataa tokkoof ykn barattoota hedduuf karooraan kennuuf haala murtaawaan kan qopheeffamuudha jechuun ibsan.

Baker (1989), qormaanni kaayyoo barnootaa hordofee barattoonni maal akka barataniifi hinbaranne, maal akka beekaniifi hinbeekne mirkaneessuuf kandandeessisu qaama baruu barsiisuuti jechuun ibsa. Brown (1994) gama isaatiin, qormaata jechuun gochaa guyyaa guyyaaniifi ta’insa barachuu wajjiin walqabatee, namni tokko wanta murtaa’e irratti beekumsa qabu ykn mala dandeetti ittiin safarruudha jedha.

Akkasumas, Kaplan & Saccuzzo (2009) yeroo ibsan, qorumsi meeshaa safartuu ykn tooftaa amala safaruuf tajaajilu ykn amala gocha tokkoo hubachuufi tilmaamuuf kan gargaaruudha. Fakkeenyaaf, qormaanni waa’ee qubeessuu barattootaa kanqoru, barataan

tokko jechoota haala gaariin qubeessuu danda’uu ykn hanga inni jechoota murtaa’oo ta’an qubeessuu barate madaala.

Ibsa hayyoota kanarraa hubachuu kandanda’amu qormaanni namni tokko beekumsaafi dandeetti qabu mirkaneeffachuuf akkasumas ragaa argachuuf meeshaa dandeessisuudha.

### 2.1.1 Qormaata Afaanii

Tasfaaye (1981) fi Alderson et al.(1995), waa’ee qormaata afaanii yemmu ibsan, qormaanni afaanii dandeetti afaanii barattootaa wajjiin ragaalee walqabate argachuuf kan dandeessisuudha. Qormaanni afaanii dandeetti barattootaa kan duraa, sadarkaa irra gahan safaruuf, gahumsa irra jiran ciminaafi dadhabina safaruuf meeshaa nama dandeessisuudha jechuun hubachisan.

Oller (1979), Namni baay’een qormaata afaanii yemmu jedhamu barattoonni dandeetti afaan biyya alaa qofa kanqoraman jechuun yaadu. Haata’u malee qormaata afaanii jechuun namni tokko barnoota barate hangam takka hubate jira? Kan jedhu meeshaa ittiin beeknuudha.

Akka ibsa Bachman (1990) fi Ur (1996), qormaata afaanii yemmu jennu barumsa afaanii tokkoof safartu madaalli adda duree ta’ee barumsa afaanii barattoonni hangam takka akka hubatan meeshaa ittiin mirkaneeffannuudha. Meeshaan kun ragaalee tarreeffamaan kan kennu yemmu ta’u barattoonni gama dandeetti afaanii ykn gama beekumsaan sadarkaa irra jiran qoraaf kan eeru, adeemsa barnootaa irratti dandeetti qaban beekuufi bu’aa isaanii safaruuf qormaanni barbaachisaadha.

Tasfaaye (1981), barsiisonni keessattuu barattoota dareetiif qormaanni qopheessan akka mala baruu barsiisuuti.Barsiisaaf maal barsiisuufi maalirratti xiyyeeffannoo gochuu akka barbaachisu nieera.Barataaf immoo ciminaafi dadhabina isaa kam irratti akka ta’e ni beeksiisa jechuun ibsaniiru.

Sufiyaan (2012), Mc Namara (2002), waabeffachuun yemmu ibsu, qormaanni afaanii adeemsa raawwii gilgaalarraa dandeetti afaanii namni tokko addunyaa dhugaa keessatti dhimma itti bahu tilmaamuuf kanqophaa’uufi dandeetti waliigalaa ykn murtaa’aa nama tokkoo argachuuf kan gargaaruu jedha.

Walumaagalatti qormaata afaanii jechuun barattoonni gama dandeetti afaaniifi beekumsaan barsiisu keenyaan dura dandeetti jalqabaa qaban madaaluufi erga baratanii booda ykn fooyya'insa agarsiisan safaruuf kan qoramuufi namni tokko barumsa barate hangam takka akka hubate beekuuf meeshaa tajaajiluudha.

### 2.1.2 Seenaa Qormaata Afaanii

Seenaa qormaata afaanii ilaalchisuun Brown (1994:261), Spolsky (1978), waabeffachuun yemmu ibsu, yeroo qorumsa afaanii sadi adda addaan baasuun nu agarsiisa.Isaanis: 'pre-scientific period','The psychometric structuralist'fi 'The psycholinguistic sociolinguistic' jechuun qoqqooda.Qoqqoodinsi isaanis kaayyoon qormaataa maal madaaluu barbaadame akka kennamu godhachuuniidha.Bu'uura kanaan 'Pre-scientific period'n qormaata sivil sarvisii chaayinaa wajjiin kan walqabatuufi ta'insa baroota kuma lamaati.Haata'u malee qormaanni afaanii guca har'a irra jiru kana qabaachuu kan danda'e Jaarraa 18[ffaa] Tirippoos kambiriij (Cambridge Tripos) keessatti akka ta'e ibsu.Waqtii kanatti qormaanni afaanii tiwoorii afaanii bu'uura kan godhate hinturre.

Waqtiin lammaffaan 'psychometric-structuralist' kanjedhamu yemmu ta'u, kunis bu'aan gumaache agarsiisa gaariidha. Waqtii kana kanqoramu (kanmadaalamu) muummee afaaniin kan adda baheefi kaayyoon qormaataas mala madaalliin bara adda bahe dha.

Waqtiin afaanii sadaffaan 'The psycholingistic sociolinguistic' yeroo kanatti qormaanni afaanii adeemsa saayinsaawaa kanhordoofe akka ta'u waliigaltee irra kangahame akka ture ibsu.Waqtii kanatti barumsi afaanii dubbachuu irratti kanxiyyeeffate yoo ta'u, qormaannis kandhiyaatu dandeetti afaanii walitti makuun (integral) bifa ta'eeniidha.

Heaton (1988), qorumsi afaanii sadarkaan guddina isaa afaan barsiisuu waliin sirritti kan walqabateedha. Afaan baruu barsiisuu keessatti adeemsi guddina sadarkaa qormaata afaanii afur akka jiru eeraniiru.Adeemsa qormaata afaanii keessatti kanjalqabaa mala barreeffama jijjiiru (The essay translation approach) kanjedhamuudha. Qormaanni afaanii kun mala seerluga jijjiiruu (The Grammer translation method) wajjiin walitti dhufeenya qabu.Duras kan jiruufi barreeffamoota babal'aa jijjiiruufi seerluga afaaniirratti kan xiyyeeffatu haala dhiyaatinsa qormaataati. Kanatti fufuun qormaanni afaanii kennamaa ture mala caasawaa (The structuralist approach) kanjedhamu yoo ta'u, kun immoo hanga

danda'ameen dandeetti afaanii afran adda baasuun kan dhiyaatuudha. Caasaa afaanii, xiinjechaafi hiika jechaa irratti kanxiyyeeffate sadarkaa qormaataati. Dhiyaatinsi qormaata afaanii kanbiroo immoo mala dhiyaatinsa walitti makuu (The integrative approach) ti.Dandeettiiwwan afaanii kophaatti kandhiyeessu osoo hintaane lama ykn sanaa ol dandeettiiwwan ta'an walitti makuun mala dhiyaatinsa qormaataati. Dhiyaatinsi qormaata afaanii kanxumuraa mala walqunnamtii (The communicative approach) kan jedhamudha. Qormaanni kun caasaa afaanii ykn seerluga caalaatti ergaa dabarsu barbaadame irratti kan xiyyeeffateedha. Keessattu dandeetti waliigaltee sakatta'u irratti gaaffiiwwan xiyyeeffataman sadarkaa bu'uura godhateedha.

Dhiyaatinsi qormaataa armaan oliitti tarreeffaman tokko kanbiroo wajjiin kanwalqabate malee kophaa isaanii kan dhabbatan miti. Akka yaada kiyyaatti kanatu sirrii kanatu sirrii miti jechu osoo hintaane isaan hunduu iddoo barbaachisanitti itti fayyadamu akka barbaachisu huba'e. Sababni isaas qormaanni afaanii barnoota afaanii irratti hundaa'ee kankennamu waan ta'eef isaan kun hundi qabiyyee afaanii waan ta'aniif qormaata irratti dhiyaachu qaban jedha.

### 2.1.3 Walitti dhufeenya barnoota afaaniifi qormaata afaanii

Barnoonni afaaniifi qormaanni afaanii walitti hidhamiinsa cimaa kan qaban ta'uu, Heaton (1975) yemmuu ibsu, yeroo duraanii irratti qormaata afaaniifi barnoota afaanii adda baasanii ilaalaa kan turan ta'uu tuqan. Haata'u malee, qormaata afaaniifi barnoonni afaanii walitti dhufeenya cimaa kan qaban, tokko tokkorraa adda bahee ilaallamu kan hindanda'amne ta'uu ibsu. Qormaanni afaanii, bal'ina qaban xiyyeeffannoo kantaasisan waytii ta'insaa guyya guyyaa keessatti fayyadamiinsa afaanii irratti hundaa'anii waan ta'eef gocha barsiisuuf bu'aa olaanaa qabaata. Qormaatonni waliigaltee gaarii ta'an adeemsa baruu barsiisu keessatti walitti dhufeenya haqummaa ta'eefi gargaarsa kanqaban ta'uu ibsuun qormaata afaaniifi barnoota afaanii walitti dhufeenya isaanii akeekanii jiru.

Bachman (1990), walitti dhufeenya lamaanii ilaalchisee, qorumsi afaanii galma ga'insa baruu barsiisuuf haala gaariin deemuusaa kankeessatti hubatamuudha. Akkasumas, baruufi barsiisuun gaggeeffame akka gabbatu gochuuf gargaara jedha.

Walumaagalatti ibsa kanarraa hubachuun kandanda'amu barnoonni afaaniifi qormaanni afaanii walitti dhufeenya kanqabaniifi adda bahanii kanhinilaalamne ta'uudha.

### 2.1.4 Kaayyoofi Faayidaa Qormaata Afaanii

#### 2.1.4.1 Kaayyoo Qormaata Afaanii

Tasfaaye (1981), kaayyoo qormaata afaanii akka armaan gadiitti ibsa. Yeroo kamuu qormaata ni qopheessina yemmu jennu kaayyoo qormaataa, maaliif akka qorru ifaan barbaachisummaa isaa beekuuf ni jabeessina. Kaayyoo qormaataa beekuun kaayyoo barnootaa hubachuu nu gaafata. Keessattuu qormaanni qophaa'u sagantaa barnootaa murtaa'e irratti bu'uureeffate yoo ta'e, kaayyoo barnootaa beekuun dirqamadha. Sababnisaas qormaanni wanti nu mirkaneessuu irraa eeggamu barataan barnoota qophaa'eef kaayyoo irraa barbaadamu hubachuufi hubachu dhabuu ykn kaayyoon barbaadame galma gahuufi gahuu dhabuudha.

Gama biraatiin Heaton (1990), waa'ee kaayyoo qormaataa akka armaan gadii kana jedha. Qormaata yeroo fedhe qormaatamu yoo yaadne maaliifi maal qormaatamu akka barbaadne beekuun barbaachisaadha.Yookaanis yeroo baay'ee akka raawwannutti barattoonni waan baratan dandeetti afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) hangam takka hubataniiru? Ykn immoo barattoonni fooyya'insa agarsiisaa jiran madaaluufi hubachuuf jedhamee qormaata niqoramu jechuun ibsaniiru.

Hughes (1989), Bachman (1990) fi Heaton (1990) akka ibsanitti, barsiisonni barattoota ofiitiif qormaata kankennaniif kaayyoon gooroos beekumsi barattootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti hangam takka akka ta'e mirkaneeffachuufi bu'aa mala baruu barsiisuu madaaluudha.Dabalataanis barattoonni yeroo gara yerootti jijjiirama barnoota afaaniirratti agarsiisaa jiran madaalaa,dandeetti afaanii kamiifi damee beekumsa kamirratti dadhabina akka qaban eeruufi fooyya'insa akka fudhatan dandeessisuu,barumsa isaaniitiif irra caalaatti akka kaka'umsa godhatan gochuu, barsiisonnis mala baruu barsiisuu isaanii qabxii barattootaa wajjiin waldorgomsiisuun hangam takka gammachiisa akka ta'e madaaluuf gargaara.

Walumaagalatti yaadota armaan oliitti tuqaman irraa hubachuun akka danda'ameetti kaayyoon qormaata afaanii heddu yemmuu ta'an: isaan keessaayis barattoonni hojii barumsaa fooyya'aaf, qu'annaafi k.k.f kankakaasu, kaayyoo qabiyyee barnootarratti tuqaman galma gahuufi gahuu dhabuu beekuuf , barattoonni sadarkaa itti aanuutti ce'uufi hordooffi cimaa taasisuu akka danda'an faa akka ta'e irraa hubadhe.

### 2.1.4.2 Faayidaa Qormaata Afaanii

Qormaanni afaanii barattootaaf, barsiisotaaf, qaama sirna barnoota qopheessuuf, akkasumas hayyoota afaaniif faayidaa adda addaa kenna.Waa'ee qormaata afaanii ilaalchisee Madsen (1983) yemmuu ibsan, qormaata afaanii haala gaariin qophaa'e tokko barattootaaf yoo xiqqaate karaa lamaan nigargaaraan. Tokkoffaa barattoonni waa'ee barnoota baratanii ilaalcha gaarii akka qabaatan nitaasisa. Lammaffaan immoo, dandeettiin afaanii barattootaa akka badhaadhuufi guddatu gargaara. Kunis qormaata irra deddeebi'anii yaaduun waan qu'ataniif adeemsa kana keessa beekumsi isaanii akka dabalu nitaasisa. Qormaanni irra deddebi'ee akkuma kennamuun barattoonni baay'ee akka beekaniif carraan bal'ataa adeema jechuun ibsan.

Heaton (1975), waa'ee faayidaa qormaata yemmu ibsan, haala gaariin qormaanni qophaa'e barattoonni rakkoo isaan mudate qajeelaan agarsiisuuf nigargaara.Fakkeenyaaf Doktorri tokko dhukkubsataa akkuma qoratu tokko, barsiisaan tokko ciminaafi dadhabina barattootaa beekuuf qormaanni akkuma barbaachisummaa yaalaa faayidaa niqabaata. Kana qofa osoo hintaane barnoota afaanii kamtu ulfinaafi salphina akka qabuufi sirni barnootaa, malli baruu barsiisuufi bu'aa meeshaalee deeggarsa barnootaa maal akka fakkaatu madaaluuf kangargaaru ragaa kennaaf jechuun ibsaniiru.

Bachman (1990), gama isaaniitiin, qormaanni afaanii faayidaawwan ijoo lama akka qaban ibsan.Tokkoffaan, qormaanni afaanii adeemsa barnootaa irratti murtii kenninuuf akka madda ragaa ta'ee fayyada. Lammaffaa immoo, afaan barachuufi naannoo afaan barsiisuuf qorannoo gaggeeffamuuf akka eertuu ta'ee fayyadu danda'a.

Karaabiraatiin Sufiyaan (2012), Njabili (1999) waabeeffachuun akka ibsetti,faayidaan qormaata hedduu.Isaan keessaa muraasni, (1) ciminaafi dadhabina barattootaa adda baasuuf, (2) gorsaafi qajeelchuuf, (3) qabxeessuufi filachuuf, (4) tilmaamuufi haala

beekumsa isaaniitiin iddoo iddoo isaaniitti ramaduufi (5) ragaa kennuuf,(6) gamaaggamaaf, (7) qorannoofi itti gaafatamummaaf qormaanni afaanii barattootaaf kan kennamu ta'uu isaa ibseera.

### 2.1.5 Gosoota Qormaata Afaanii

Hayyoonni qormaata afaanii gama ulaagaa adda addaatiin ilaaluun gosa gosaan ramadu. Gosoota qormaataa kan murteessu dhimmi ijoon qormaatonni kaayyoo qophaa'aniif irratti jechuun qoqqoodanii jiru. Hayyoonni kunneenis Tasfaaye (1981, p. 123-125 ), Heaton (1975, p.162-165), Harrison (1983, p.48) fi Hughes (2003, p.11-16) gosoota qormaataa afur akka jiran ibsaniiru.Isaanis qormaata dandeetti duraa safaru, qormaata ramaddii, qormaata gahumsaafi qormaata ciminaafi dadhabina addaan baasudha.

#### 2.1.5.1 Qormaata Dandeetti Duraa Safaru

Tasfaaye (1981) yemmu ibsu, gosti qormaata kanaa barnoota afaanii tokko kan dhiyaatu, barataan afaanicha barachuuf ykn sagantaa barnootaaf qophaa'e hordofuuf dandeetti qabu safaruuf  qormaata kennamuudha jechuun ibsan. Akka ibsa hayyu kanaatti  barataa tokko ykn barattoota iddoo barbaadameetti ramaduuf dursee dandeetti akkamii qaban kan jedhu beekuuf gosa qormaata kennamu ta'uu isaati.

Dabalataan Heaton (1975), Harrison (1983) fi Hughes (1989), gosa qormaata kana yemmu ibsan, qormaanni kun kan tajaajilu leenjii haaraaf barattoota dhufan walitti leenjisuuf yeroo barbaadamu barattoonni sadarkaa qixarratti argamuufi argamu dhabuu mirkaneessuuf kan kennamuudha.Kanaafuu qormaanni kan xiyyeeffatu barattoonni sadarkaafi dandeetti amma irra jiran madaaluuf malee qabiyyee barnootaa tokko tokkoon ta'an irratti dandeetti qaban safaruuf miti jechuun ibsaniiru.

Alam (1992), gosti qormaanni akkanaa barattota suuta baroo, giddu galeessaafi saffisaan baratan adda baasuun sadarkaa beekumsaafi saffisa qabaniin karaa ittiin baratan mijeessuuf gargaara jechuun ibsa.

Walumaagalatti qormaanni kun barattoonni wanta isaan mudateerraafi naannoorraa dandeetti ykn beekumsa akkamii qabatanii dhufan kan jedhu safaruuf qormaata kennamuudha.

#### 2.1.5.2 Qormaata Ramaddii

Tasfaaye (1981) yemmu ibsan, sadarkaa safaruuf qormaata qophaa'an dhaabbilee barnootaa garagarraa bahanii daree ykn dhaabbata tokkoo keessatti barachuuf barattoonni dhufan dandeetti afaanii qaban beekuuf qormaata qophaa'uudha. Qormaata kanaaf bu'uura kan ta'u barnoota dursa kenname ykn sagantaa barnootaa dhiyaate osoo hin taane sadarkaa murtaa'e tokkoof ni barbaachisa jedhamee kan fudhatame tilmaama sadarkaati jechuun ibsaniiru. Ibsa kanarraa kanhubattu dhabbilee adda addaarraa barattoonni dhufan beekumsa afaanii qaban madaaluuf gosa qormaataa kennamuudha.Xiyyeeffannoon ijoonis barattoonni istiriimi barnootaa galanitti beekumsa qaban safaruudha.

Bachman (1990) fi Brown (1994), qormaata ramaddii yeroo qophaa'u bu'uura kan godhatu yaadota bu'uura afaanii yoo ta'u, xiyyeeffannoon ijoo kanaas qabiyyee barnoota afaanii irrattidha.Kanaaf qormaanni qophaa'e dandeetti afaanii waliigalaa kan gaafatu yoo ta'e qormaata ramaddii jedhama jechuun ibsaniiru.

#### 2.1.5.3 Qormaata Ciminaafi Dadhabina Addaan Baasu

Tasfaaye fi Hughes (1989) akka ibsanitti, qormaanni ciminaafi dadhabina safaru barsiisonni yeroo adda addaa barattootaaf qormaata kennaniidha. Kaayyoon qophaa'uuf kanaddaa barattoonni barnoota dhiyaate hangam takka akka hubataniifi hinhubanne, ykn gosa barnootaa kam qajeelaan beekaniifi kamtu immoo akka hinbeekamne agarsiisuuf gargaara. Dabalataanis, barattoonni qabiyyee barnootaa kam irratti gargaarsa dabalataa akka barbaadan adda baasuufi. Sufiyaan (2012), Alderson et al. (1995) , waabeeffachuun akka ibseetti , qorumsi kun iddoo barataan tokko gargaarsa dabalataa barbaadu addaan baasuuf tajaajila.Sababni isaas, qormaanni kun kan kennamu yeroo mata dureen tokko barsiifame irrattifi dhuma boqonnaa irratti waan kennamuuf ciminaafi dadhabina jiru addaan baasuuf gargaara jedha.Akkasumas, qorumsi ciminaafi dadhabina addaan baasu kun haala sirriitiin dandeetti waliigalaa madaaluufi barataan dandeetti afaanii afran keessaa kamirratti gargaarsa barbaada gaaffii jedhu deebisuuf ykn seera itti fayyadama afaanii irratti qabxii barataan qabu adda baasuuf oola.

Alam (1992), gosti qormaata kanaa gama barattootaan akka kakaasaatti ta'ee gargaara; gama birootiin barsiisaan mala baruu barsiisuu fayyadameefi meesha deeggarsa barnootaa fayyadame bu'aa isaa safaruuf gargaarsa olaanaa taasisa jechuun ibsaniiru.

Waalumaagalatti yaada hayyootarraa akka hubannutti gosti qormaata kanaa barsiisan barattoonni maal akka beekaniifi hinbeekne hubachuuf yeroo adda addaa qormaata qopheesse kennu kan ilaallatu yoo ta'u, kana dabalataanis, bu'aa mala baruu barsiisu isaa madaaluuf itti fayyadama.

### 2.1.5.4 Qormaata Gahumsaa

Gosti qormaata kanaa sagantaa barnootaa tokko yoo xumuran booda kan kennamu yoo ta'u, kaayyoon isaas bu'aan (galmi) barnoonni argamsiise safaruufi.

Tasfaaye (1981:124), "Qormaanni kun dhaabbilee barnootaa garagaraatti barattoota barachaa turan wayti tokkotti waliin sadarkaa murtaa'eetti kan fudhatan dhuma qormaataati" jadha.Gosti qormaata kun bu'uura kan godhatu sirna barnootaa dursee qophaa'eefi istiraateejiidha.Kunis barattoonni ni baratan jedhamee sagantaa qophaa'e ta'uu qaba jechuun ibsaniiru.

Heaton (1975) yemmu ibsan, barataan tokko iddoofi yeroo murtaa'e keessatti wanta barate kan itti madaalluufi yeroo sana keessatti barumsa kenname hangam takka akka hubate kan sakattaanu gosa qormaataati. Gosti qormaata kanaa barataan yeroo murtaa'e keessatti beekumsa irra gahe, dandeetti afaaniifi dhimmoota kana fakkaatan kan safarruudha.Kallatti kanaan wayti barnoota afaanii barsiisonni kan qoran qormaata daree keessaafi naannooleen ykn sadarkaa biyyooleessatti qormaanni qophaa'an gosa qormaataa kana keessatti argaman jechuun ibsan.

Dabalataan Brown (1996), waa'ee qormaata gahumsaa yemmu ibsan , qormaanni gahumsaa kan qophaa'u kaayyoo silabasii safaruuf qofa osoo hintaane barsiisonni dandeetti barattoota isaanii, fedhii akkasumas kaayyoo barnootaa hangam takka akka hubatan ragaa argachuuf kan dandeessisuudha jechuun ibsaniiru.Yaada kanaan walqabsiisunis qormaata gahumsa gaariin sadarkaa barattootaa agarsiisuun silabasii barnootaa ta'e mala baruu barsiisuu irratti jijjiirama fiduu kan dandeessisu ta'uu murtii kennuuf kan gargaaruudha kan jedhan yoo ta'u, murtiinis barnoota itti aanuuf barataa

kamtu dandeetti olaanaa gonfateera? Kamtu immoo gargaarsa dabalataa barbaachisa? Kan jedhu ilaaluufi barsiisonni dandeetti qaban istiraatejii afaanichaan fooyyeessuuf ni gargaara jechuun ibsaniiru.

### 2.1.5.4.1 Qabiyyee Qormaata Gahumsaa

Brown (1994), qormaanni gahumsaa kallattiin barnoota dareetti kennamu, adeemsa barnootaa keessatti boqonnaalee ilaallamaniifi walumaagalatti sirna barnootaarratti hundaa'anii kanqophaa'aniidha. Kanaaf qormaanni kun sirna barnootaa keessatti qabiyyee barnootaa hammataman wajjiin kan qajeelatti gurmaa'ani jechuun ibsaniiru.

Alderson et al. (1995), qormaanni gahumsaa barumsaaf kandhiyaate silabasii barnootaa ykn kitaaba barnootaa bu'uura godhachuun kanqophaa'uufi barnoonni yeroo xumuramu barattootaaf qormaata qophaa'u dha jechuun ibsaniiru.Heaton (1990), gosa qormaata kanaa qopheessuuf silabasiin barnootaa gahee olaanaa qaba. Kanaaf bakka bu'aa kan ta'an beekumsa afaaniifi dandeetti afaanii silabasii barnootaarraa ykn kitaaba barnootaa irraa filachuun barbaachisa.Yookaan immoo barattoonni barumsa baratan hangam takka beekaniiru? Silabasii barnootaa hangam takka uwwisaniiru? Kan jedhu hubachuuf rakkisaa ta'a jechuudhaan filannoo qabiyyee qormaata gahumsaa maal fakkaachu akka qabu ibsaniiru.

Madson (1983:189) fi Harrison (1983:9), waa'ee qabiyyee qormaata gahumsaa yemmu ibsan, "Silabasii barnootaafi qabiyyee kitaaba barnootaa irratti kaayyoo barnootaa kahuuf karoorfamee kanqophaa'u akkuma ta'e, wixinee qormaataa filachuurratti illee irra caalaa xiyyeeffannoo gochuun ni barbaachisa" jedhu.

Dabalataanis Hughes (1989) yemmu ibsan, qormaanni kun qabiyyee silabasii barnootaa bal'inaan ibsame irratti jechuunis kitaabarrattiifi meeshaalee barnootaa kan biroo hojiirra kan hin oolle irratti xiyyeeffata jedhan.

Tasfaaye (1981:125),"Barsiisaan tokko adeemsa barnootaa irratti qabiyyee xiyyeeffannoo kenneef, shaakala baay'inaan irratti godhameefi yeroon kankennameef kamfaa akka ta'aniifi kanneen qoruuf gosoota gaaffiiwwan qormaataa kam akka hubataniif beekuun irra jira" jechuun ibsaniiru.

Adeemsa madaalli gahumsa qabiyyee qorumsichaa madaalu keessatti, maloota/tooftaalee ittiin madaallu Alderson, clapham fi Wall (1995:193), akka armaan gadii kanatti tarreessaniiru.

Isaanis:

- Qabiyyee qorumsi ya'aa gabatee gahumsa qormaataa kitaaba barataa waliin walitti madaalu.
- Ogeeyyi barnoota kanniin akka barsiisaa, ogeeyyi afaanii, ogeeyyi xiinqooqaa gaaffiifi deebii qopheessuun waa'ee qabiyyee qorumsichaa gaafachuu.
- Ulaagaalee qorumsichaarratti hunda'uun, yaada ogeeyyin barumsichaa gaaffilee qorumsaarratti kennan sadarkeessufi madaaludhaan sakata'u.

Walumaagalatti qormaanni gahumsaa barattoonni maal akka barataniifi maal akka beekan madaaluuf gosa qormaata qophaa'uudha. Kanaaf barattoonni kitaaba barnootaa akka itti baratan qophaa'eefi silabasii barnootaa irratti qabiyyee ibsaman bu'uureffate ta'uu akka qabu irraanfachuu hinqabu.

### 2.1.5.4.2 Mala Dhiyaatiinsa Qormaata Gahumsaa

Bachman (1990), waa'ee qormaata gahumsaa yemmu ibsan, gosa qormaataa kana keessatti hanga danda'ameen barattoonni qabiyyee dursanii baratan bakka bu'uu kan danda'an qabiyyee fakkeenya ta'an hammachuu qofa osoo hintaane maloota dhiyaatiinsa gaaffii tilmaamaa keessa galchuun ni barbaachisa.Qormaata afaanii qoruuf kan dandeessisu maloota adda addaatu jira. Gahumsi maloota(barbaachisummaan) garuu gara garaadha.Weir (1990)fi Hughes (2003), malli dhiyaatiinsa qormaataa: filannoo kennu, deebii gabaabaa, gaaffii banaa, gaaffii cufaa, iddoo duwwaa guutuu, dhugaa ykn soba, firoomsi, bal'inaan ibsaafi kkf kan jedhan yoota'u, kunneenis ciminaafi dadhabina mataa ofii kan qaban yoo ta'u, isa sana haala gaariin adda baasuun gahumsa madaalli fooyya'aa gaaffiiwwan qaban qopheessuu akka barbaachisu eeraniiru.

Walumaagalatti malli dhiyaatiinsa qormaataa tokko tokkoon ciminaafi dadhabina mataa isaa kan qabu yoo ta'u, kanas sirritti qu'achuufi qorachuun dandeetti afaaniifi gama beekumsaatiin gahumsa madaalli fooyya'aa kan qaban gosoota gaaffii filatanii qopheessuun ni danda'ama.

Qormaanni biyyooleessaafi qormaanni moodeelaa gosa qormaata gahumsaa jalatti kan ramadamu yoo ta'u, qormaanni moodeelaa barattoota qormaata biyyooleessaatiif akka qophaa'aniif gahee olaanaa qaba.Kanaaf qophaa'insi gaaffii isaanii haala filannootiin kan dhiyaatuudha.Akkasumas baay'inni gaaffii illee walsimataadha.

### 2.1.6 Amaloota Bu'uuraa Qormaata Gaarii

Qormaata tokko qopheessuufis ta'ee qormaata qophaa'an madaaluuf dursanii madaalli ulaagaalee qormaata gaarii adda baasanii beekuun barbaachisaadha.Hayyoota baay'ee biratti irra deddeebi'amee kan kaafamaniifi kan tuqaman amaloonni qormaata gaarii: Amansiisummaa(reliability), Qabatamummaa (practicality) fi Barbaachisummaa(validity) kan jedhaman dha. Fakkeenyaaf Harrison (1983:10), yemmu ibsu,"Amaloota bu'uuraa qormaata gaarii ta'an barbaachisoon, amanamummaa,barbaachisummaafiqabatamummaa dha" jedha.Akka yaada barreessaa kanatti, namni qorumsa qopheessu kamiyyuu amaloota qorumsi qabaachuu qaba kanniin hubachuu dhabnaan qorumsa fudhatama qabu qopheessuun baay'ee rakkisaa akka ta'e ibseera.Kanaafuu, qorumsi tokko dansaa /gaariidha jechuuf amaloota gaarii qorumsi tokko qabaachuu qabu horachuu qaba. Kanaafuu maalummaa ulaagaalee kanninii akka armaan gadii kanatti ibsamuuf yaalameera.

#### 2.1.6.1 Amansiisummaa (reliability)

Akka Lado (1961) ibsanitti, qormaanni tokko garaagarummaa yeroo murtaa'a keessatti yeroo lama qoramtoota walfakkaataniif kennameefi qabxii walfakkaataa ykn walitti dhiyaata yoo ta'e, qormaanni kun amansiisummaa (Reliability) qormaataa qaba jechuudha.Kunis gama bu'aa itti fufiinsa qabuun kan ilaallamu amala bu'uura qormaataa tokkodha.

Yaalaw (2004:196), "Amansiisummaa yemmu jedhamu amala ykn wanta tokko safartuu tokkoon fayyadamuun irra deddeebiin safaruun bu'aan argamu walfakkaataa, dhabbataafi kkf kan ilaallatuudha" jedha.Kana yemmu jedhamu haala walfakkaataan amala ykn wanta tokko safartuu tokkoon yeroo lama ykn sanaa ol yemmu safaramu hamma bu'aan argamu walfakkaata yoo ta'e, safartuun ragaan kennu amansiisummaa qaba jechuun ni danda'ama jechuun ibseera.

Desalegn and Girma (2009:230), “Amansiisummaan yemmu ibsamu hanga sirrummaa (wal fakkaatina) gidduu safartoota lamaa waan tokkooti”.

Walumaa galatti ibsa kanneen irraa hubachuun akka danda’ameetti amansiisummaan amaloota qormaataa keessaa tokko ta’ee barattoota madaaluuf qormaanni baasnu irra deddeebinee barattootaaf yeroo kenninu bu’aan argamu walfakkaataa ykn walitti dhiyaataa yoo ta’e, qormaanni sun amansiisummaa qaba jenna.

### 2.1.6.2 Qabatamummaa (practicality)

Qabatamummaan amaloota qormaata gaarii keessaa tokko ta’ee, qormaanni tokko iddoo murtaa’etti haala hojiirra oole ilaala. Kana ilaalchisee Harrison (1983) fi Brown (1994) yemmu ibsan, qabatamummaan qormaanni tokko meeshaalee barbaachisu,yeroo ta’insaafi baasii akkasumas adeemsa qormaataarratti kenninsi qabxiifi qoratamtoonni wayti qoramanitti haalota bulchinsaa jiran ilaalcha keessa kan galche ta’uutu irra jira jedhaniiru.

Walumaagalatti qabatamummaa yemmu jedhamu qophii qormaataa irraa jalqabee qormaatichi barattootaaf dhiyaatee hanga kennamuutti erga kenname booda illee soroorsuufi waqti kenninsa qabxii haala jiru hunda kan ilaallatu amala qormaataati.

### 2.1.6.3 Barbaachisummaa (validity)

Barbaachisummaa ilaalchisee hayyoonni yaadota adda addaa yemmu kennan mul’ata. Kanneen keessaa Fulcher and Davidson (2007), Henning (1987) waabeeffachuun yemmu ibsan, qormaata tokko yemmu qopheessinu wanti tokko akka madaalamuuf ykn akka safaramuuf dursinee yaaduutu nurra jira.Wanti yaadnu kun sirriifi mirkaneessaa kan itti mirkaneessinu, qormaanni karoora karoorfameef sirritti galma gahee jiraa? jennee yemmu gaafannu deebiin argannu barbaachisummaa(validity) jedhama.

Heaton (1975),Harrison (1983)fi Alderson et al. (1995) akka ibsanitti,barbaachisummaan qormaanni tokko dandeetti safaruu irri jiruufi amala safaruu qabu sirriin safaruu yoo danda’e barbaachisaadha jechuun ni danda’ama jechuun ibsaniiru.

Desalegn and Girma (2009) yemmu ibsan, qormaataafi meeshaalee madaallii kanbiroo yemmuu qopheessinu gaaffii baay'ee barbaachisaa ta'e, gara qabxiitti yemmu jijjiiramu hangama bu'aa qabeessa, hiika qabeessaafi hojiirra oolmaan kaayyoo barattootaaf faayidaa maali qaba? Barbaachisummaa kanibsu, madaalliin kan irratti xiyyeeffatamu qabiyyee jalqaba madaalliif irratti kaayyeeffatameedha.Fkn$_f$ akkaata qajeeltoo barbaachisummaatti, dandeettiin barreessuufi dubbachuu barattootaa qormaata tokko irratti hinmadaallamu jechuun kaayaniiru.

Yaalaw (2004), amala qormaataa kanaan sirrummaa jedhanii moggaasaniiru.Waa'ee amala kanaa yemmu ibsan, mala ragaa tokko sassaabuuf ragaa yaadame karaa yaadame karaa guutuufi haala barbaachisaan sassaabuuf akka dandeessise kanakeekuudha. Dabalataanis, meeshaa tokko fayyadamuun ragaa argame hangam takka akka yaadame karaa sirraa'een, walqixxaa'een, hiika karaa qabuuniifi fayyadaa karaa ta'een yaada waliigalaa irra gahuuf akka danda'ame kan agarsiisuudha.

Walumaagalatti ibsa kanarraa kanhubannu meeshaan tokko ragaa barbaachisaa sassaabuuf yoo dandeessise barbaachisaa (sirrii) dha jechuun ni dandeessisa.

Qormaata tokko barbaachisummaa isaa mirkaneessuuf kan itti tajaajilamnu gosoota barbaachisummaa addaaddaa kan jiran yoo ta'u, hayyoonni hedduun irra deddeebi'anii kan kaasaniifi adeemsa baruu-barsiisuuf barsiisonni barbaachisummaa qormaataa sakatta'uuf kan itti fayyadaman gosoonni barbaachisummaa akka armaan gadiitti dhiyaata

### 2.1.6.3.1 Barbaachisummaa Ijaarsaa (contruct validity)

Qormaanni kaayyoo /galma barbaadameef madaaluuf barbaachisummaan qabu maal akka fakkaatu ilaala. Ibsa gara biraatiin qormaanni tokko dandeetti afaanii barbaadame yookiinimmoo gahumsa madaaluu danda'uun kanitti mirkaneessinuudha. Kunis barsiisonnifi ogeeyyiin barnootaa kanbiroo akkasumas barattoonni waa'ee qormaataa yaada kennaniidha. Isaan kunis qormaanni tokko barbaachisummaa bifummaa qaba kanjedhamu qaamni gubbaarratti tuqaman yaadni kennan qormaanni dandeetti barattootaa kan madaalu ta'ee argameera ykn hinargamne, barattootaaf baay'ee salphaa ykn baay'ee ulfaataa ta'ee argameeraa kan jedhaman ni dabalata (Harrison 1983).

#### 2.1.6.3.2 Barbaachisummaa Qabiyyee (content validity)

Akka Fulcher and Davidson (2007) ibsanitti, gosti barbaachisummaa kanaa gaaffiin qormaataa tokko tokkoon dandeettiiwwan afaanii hunda yookiinimmoo bakka bu'insa qabiyyee ni mirkaneessa.Gama biraatiin wayti barnootaa qabiyyeen barnootaa xiyyeeffannoo argate qormaata keessatti irra caalaatti xiyyeeffannoo argachuu akka qaban nu hubachisu.Kunis qabiyyeen qormaataa irratti dhiyaatan silabasii barnootaa keessatti akka qu'ataman qabiyyeen kahaman wajjiin walta'anii yemmu walitti dhufaniifi qabiyyoonnis bakka bu'aa wixinee kan ta'aniin yemmu dhiyaataniidha.

Brown (1981:17), akka jedhetti,"Qorumsi qabiyyeewwan barattoonni baratan kanqabateefi dandeetti barataa yoo kanmadaalu ta'e, qorumsichi barbaachisummaa qaba jechudha. Wantoota bakka bu'uu danda'uu hunda isaanis kanhammate jechudha.

Dabalataanis barbaachisummaa qabiyyee jechuun qormaata qoramuuf qabiyyee barbaachisu kan bakka bu'u ta'ee argamuutu irra jira jechuun ibsaniiru.Kanas fakkeenyaan yemmu ibsan barattoota Bizinasii digrii jalqabaa Ingiliffa dubbisuu baratan qabiyyeen qormaata Ingiliffaa dubbisuu qophaa'uuf kan filatamu barumsa Bizinasii waggaa jalqabaa baratan irraa ta'uutu irra jira.Walumaagalatti qabiyyeen qormaataa barattootaaf dhiyaatu barattoonni barumsa baratan irraa duubdeebii kan irraa argamu ta'uutu irra jira jechuun ibsaniiru.

Alderson et al. (1995), barbaachisummaa qabiyyee qormaataa yemmu jedhamu qabiyyeen qormaataa haala gaariin tarreeffaman bakka bu'aniifi barbaachisummaa kanqaban dandeettiiwwan afaanii qabachuu ykn qabaachu dhabuu wajjiin kanilaallamu ta'u yoo jadhan: Hughes (1995), gama isaaniitiin qormaanni tokko barbaachisummaa qabiyyee akka qabu kan beekkamu safaruuf wanta karoorfameef sirritti safaruu danda'u isaafi adeemsa baruu barsiisuu irratti dhiibbaa geessisuu danda'u ta'uu isaa kahaniiru.

Weir (1990:11), "Qorumsa afaanii keessatti maal akka qoruun barbaachisuufi attamitti akka qoruun ta'u, addaan baasnii beekuun dhimma baay'ee barbaachisaadha" jedha. Yaadni kun akka ibsutti barbaachisummaa qabiyyee dhugoomsuuf caasaa ifaa qabiyyee barnootichaa qopheeffachuun adeemsa sirriifi qabatamaadha.Caasaan qophaa'u kunis qabiyyee utuu qophaa'aa jiru qorumsaaf karoorsuu keessatti gosa qorumsa hammachiisuu

qabuuf baay'ina gaaffii gosa qorumsa hundumaa keessatti qopheessuu qabu yaada keessa galchuutu irra jira.

### 2.1.7 Gabatee Gahumsa Qormaataa/Table of specification/

Alderson et al. (1995), yaada kana bu'uura qormaataa (Blue print) jedhaniin. Kaayyoo qormaataa bifa ilaalcha keessa galcheen qabiyyee qormaataa bal'inaan kanaddeessu sanada (ragaa) dha. Qabiyyeen qormaataafi gaaffiin qormaataa (item) baay'inni kanitti murtaa'u, galma qormaataa kanagarsiisuufi qormaataaf wantoota barbaachisoo ta'an dursee kutaa bal'inaan itti wixineeffamuudha. Barbaachisummaan wixinee kanaa olaanaadha. Sababni isaas qormaata tokkoof lafee dugdaa ta'uusaa qormaatichi kaayyoo qormaataa kam madaaluuf akka qophaa'e qopheessitoota qormaataaf kallatti kankennuufi qormaanni sirritti kaayyoo barbaadame madaaluu danda'usaa agarsiisa.

Fulcher and Davidson (2007), qormaanni tokko mijaa'inaafi amansiisummaa isaa akka eeggamu gabatee qormaataa madaalu baay'ee barbaachisaadha.Kunis wixine kana keessatti qabiyyee barnootaa bal'ina qabu waliigalatti (walitti cuunfuun) kanqabatan gaaffiiwwan baay'ee qopheessu waan dandeessisuuf wayti qophii qormaataa dursee yaadamuufi dagatamu dhimma hinqabne dha jedhan.

Sufiyaan (2012), Harrison (1983), Hughes (1989)fi Taiwo (1995), waabeeffachuun akka ibseetti,gabateen qorumsaa qormaata tokkoof baay'ee barbaachisaadha.Sababnisaa, (a)qabiyyeen qormaatamuu barbaadame tokko haala danda'ameen qormaanni akka of keessatti calaqqisiisuuf, (b) gaaffilee salphumatti qophaa'uu danda'an irratti qofa akka hin hundoofneef, (c) haala gaarii ta'een gosa qorumsaa bal'aa qopheessuuf, (d) kaayyoofi qabiyyee barnootichaa murteessuuf,(e) haala kaayyoo barnootichaatti gosa qormaataa murteessuuf, (f) haala kaayyoo barnootichaatiin gaaffilee barbaachisoo qopheessuuf,(g) gaaffilee barbaachisoo qabiyyee hunda keessaa haala madaalawaa taheen keessaa funaanuuf, (h) baay'ina gosa gaaffilee qormaataa murteessuuf gargaara jedhaniiru.

Mehrens and Lehman (1991:60) akka ibsutti, gabateen gahumsa qormaataa hamma qorumsichaafi xiyyeeffannoo isaa haala ifa ta'een hubachuuf gargaara. Akkasumas, kaayyoofi qabiyyee walbira qabuun qorumsi ijaarsa madaalawaa ta'een qophaa'uusaa addaan baafachuuf gargaara jedha.

Dabalataanis Brown (1996), gabatee gahumsa qormaataa qopheessuun qormaata baasuuf baay'ee barbaachisa ta'uu caalaa barsiisaan kanbarsiise barataan qabiyyee barnootaa barate wajjiin akka firoomu godha.Gabateen kun qophaa'uun barsiisichi mataduree tokko tokkoo irratti gaaffiiwwan hammaa ol baay'isee gaafachuu ykn hammaa gadi xiqqaate akka hinargamne gargaara jechuun sirrummaa walgitiinsa qabiyyee akkamitti eeggamuun akka danda'amu hubachisaniiru.

NEK-International Consultancy (1999), irratti akka ibsameetti, qormaata qopheessuun dura qabxiin itti yaadamu qabu (qabxiin eeruu qabnu) dura gabatee gahumsaa qopheessuun barbaachisaadha.Gabateen gahumsaa caatoo kallatti lamaan sararamu yoo ta'u, kaayyoo cinaan silliqqee dalgaafi qabiyyee cinaan silliqqee oldhaabbateedha. Gabateen gahumsaa boca lamatu jira: (a) kan kaayyoofi (b) akaakuu gaaffiiti.

Walumaagalatti qormaanni tokko kaayyoofi qabiyyee barnootaa kan hammate akka ta'u, mijaa'ina qabiyyeefi barbaachisummaa qormaataa  kan jabaate gochuuf gabatee gahumsa qabiyyee qormaataa gahee ol aanaa taphata.

### 2.1.8 Ulaagaalee qophaa'insa qormaataa

Canale and swain (1980) yemmu ibsu, qorumsi gosa gosaanii qorumsa walitti makoorra akka inni baay'ee gaarii ta'e kaa'a. sababni isaas qorumsi gosa gosaanii barattoonni hammam akka hubatan beekuufi dandeetti qunnamtii isaaniitti fayyadamuuf caacculee afaanii hammam akka hubatan tilmaamuuf waan fayyaduuf jedha.

Tasfaaye (1981), waa'ee qophii qormaataa yemmu ibsu, qormaanni muuxannoo irratti kan bu'uureeffate osoo hintaane of kan danda'e kaayyoofi amala beekkamu kan qabu waan ta'eef of eeggannoo ol aanaa gochuutu irra jira erga jedhanii booda dhimmoonni asi gadiitti tarreeffamanii qophiin isaa ibsame ulaagaalee bu'uuraa qormaataati jechuun eeraniiru.

- Maaliif akka qortu beeki

  Qormaanni yemmu qophaa'u sagantaa barnootaa murtaa'e irratti kanbu'uureeffate yoo ta'e dursaan kaayyoon barnootaa beekamuu qaba. Sababni isaas qormaanni,

kaninni mirkaneessu barattoonni kaayyoo barnootaa dhiyaatee hubachuufi hubachuu dhabuu ykn kaayyoo barbaadame galma gahuufi gahuu dhabuudha.

- Maal akka qortu beeki

  Jalqabarratti adeemsa baruu barsiisuu keessatti  barmaatii barnootaa kamfaa ykn qabiyyee barnootaa kamfaa akka dabalatan qorachuu yoo ta'u, adeemsa barnootaa keessatti caalmaattiqabiyyee xiyyeeffannoo itti kenname adda baasuun qormaanni maal dabalatu akka qabu hubannoo argachuu barbaachisa.

- Yeroo tokkotti waan tokko qofa qori

  Kun qoratamtootaaf ta'ee qoraaf wanta godhan ragaa beeksiisu ilaallata. Barataan yeroo tokkotti waan tokko qofa qoramu qaba. Fakkeenyaaf galumsa sirna tuqaalee gaafachuuf yoo barbaadame dubbisa kennuun qoratamaan sirna tuqaalee sirrii akka agarsiisu yoo godhame barataan kallattiin gaaffii gaafatameef carraan deebii itti kennu niuummamaaf. Barsiisichis kanilaalu galumsa sirna tuqaalee malee qubeessa harkaa ykn dhimma seerlugaa miti.

- Waan barsiifte qori

  Qormaata barattoonni barnoota baratan, dandeetti afaanii shaakalan beekuufi beekuu dhabuu adda baasa waan ta'eef qormaatamu kan qabanis kanuma akka beekan kan godhameefi kan baratan ta'uu qaba.

- Barattoonni hundi maal akka beekan beekuuf qoruu

  Qormaanni kamiyyuu yoo qophaa'u, barattoonni hundi nideebisan tilmaama jedhu irratti bu'uureeffata. Gaaffiiwwan dhiyaatan keessaa, gaaffiiwwan baay'ee ta'an qoratamtoonni baay'een deebisanii gaaffiiwwan ulfaatan immoo daneetti fooyya'aa kanqaban muraasni yoo deebisan hanga murtaa'e tokko ta'us barattoonni hundi kanbeekan maal akka ta'e beekuuf nidandeessisa jechuun ibsan.

## 2.2 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Biyya keenya keessatti qormaata afaanii irratti qorannoon hedduun adeemsifamee argina. Qorannoowwan qormaata afaanii irratti xiyyeeffatan heddu haata'u malee, kaayyoon qabatanii ka'an addaaddummaa qaba. Qormaata afaan oromoo gama madaaluutiin digrii jalqabaatiifi digrii lammaffaa guuttachuuf qorannoowwan hedduun hojjatamanii Mana kitaabaa yuunivaristii Addis Ababaa keessatti argamu.Isaan kanneen keessaa qorannoo kana wajjiin walitti dhiyeenyaafi walfakkeenya qaban kan jettu qorannoowwan afaan oromoofi afaan amaaraatiin hojjataman sakattaatee dhiyeessiteera.

Kanneen keessaa qormaata afaan oromoo irratti qorannoowwan hojjataman keessaa Sufiyaan (2012) yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa: qormaanni afaan oromoo barattoota kutaa $9^{ffaa}$f baroota 2007-2011 mana barumsa Jaarraa sadarkaa $2^{ffaa}$tti barsiisonni qopheessan qulqullina qabaachuufi dhiisuu isaa sakatta'uu kan jedhudha.Malli qorannoo inni itti gargaarame:mala akkamtaafi hammamtaa walkeessa makuun kan fayyadameefi haala ibsaatiin ibsamee jira.Argannoon isaa:haalli qormaata afaan oromoo kutaa $9^{ffaa}$f baroota 2007-2011tti Mana barumsa Jaarraa sadarkaa $2^{ffaa}$tti qophaa'aa turan harki caalu hanqinna adda addaa kan qabaniifi sirreeffama kan barbaadan ta'uufi qulqullinni gaaffilee qorumsaawwanii gadi bu'aa ta'uu ibseera.

Qorannoon lammataa kanGirmaa (2007) yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa hubannoofi beekumsa barsiisonni qormaata qopheessuuf qaban, qabiyyeelee lakkoofsa boqonnaalee kitaaba barataa fi gilgaalota kitaaba barataa keessatti keennaman waliin haala gaarii ta'een akka walsiman hubachuufi sakatta'uu kanjedhudha. Malli qorannoo inni itti gargaarame mala qaacceessuu ibsa too'annootti. Argannoon isaa, qorumsi afaan oromoo barsiisaa dareen bara1998 A.L.I kutaa $10^{ffaa}$f qophaa'e gahumsa qabiyyee hanqina kan qabu tahuu ibseera.

Qorannoon sadaffaan qabiyyee qormaata moodeelaa kanilaallatudha. Innis Xibabuu (2008) yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa Moodeelaa qormaata afaan oromoo kutaa 10 bara2007 hojiirra oole ga'umsa qabiyyee qabaachuu yookiin qabaachuu dhabuu isaa addaan baafachuudha. Malli qorannoo inni itti gargaarame mala qorannoo ammamtaafi mala ga'umsa qabiyyee qormaatittiin madaalamu mala walsimannaati. Argannoon isaa,

moodeelli qormaata Afaan oromoo kutaa 10 bara2007 ga'umsi qabiyyee xiqqaa akka qabu hubadhe jira jechuun ibseera.

Qorannoon biraa waa'ee qormaata afaan oromoo irratti dalagame kan biyyaaleessaa keessaa yoota'u, innis Jaayilaan (2007),kaayyoon qorannoo isaa Gahumsa qabiyyeewwan qorumsa guutuu biyyaa xumura kutaa kudhanii afaan oromoo: bara 2006 keessa kenname, qabiyyeewwan kitaaba barataa, silabasii kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ keessa jiran waliin walcinaa qabuun gahumsicha qormaataa sakatta'uu fi qaaccessuu kan jedhu ture.Malli qorannoo inni itti gargaarame mala qorannoo ibsaatti. Argannoon isaa kanwalii galaa gahumsi qabiyyee qormaata afaan oromoo kanbiyyooleessaa bara2006 gad-bu'aa akka tahetti argate.

Qorannoowwan Afaan Amaaraan hojjataman keessaa Kabbabush (2007) isa tokko yoo ta'u, kaayyoon qorannoo ishee:bara 2004 hanga 2006 naannoo oromiyaatiin qophaa'ee kan kenname qormaata moodeelaa Afaan Amaaraa kutaa $10^{ffaa}$ silabasii barnootaa fi kitaaba barnootaa wajjiin walsimannaa qabiyyee qaban sakatta'u kan jedhudha.Malli qorannoo mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun haala ibsaan kan dhiyaateedha. Argannoon ishee Qormaata moodeelaa kenname keessatti qabiyyeen barnoota afaanii silabasii barnootaa kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ wajjiin qabiyyeen seerlugaafi afoolaa walsimannaa hanga tokko kanqaban ta'uu ilaallameera.Haata'u malee, dandeettiiwwan afaanii irratti hanga tokko hir'inni jira jechuun ibsite. karaa biraatiin silabasii barnootaafi kitaaba barnootaa keessatti uwwisa bal'aa qabiyyee qaban qormaata keessatti garuu xiyyeeffannoo gad-aanaa kan kennameef ta'uu mirkaneessitee jirta.

Qorannoon kun kan armaan oliitti ibsameen tokkummaan isaa hundi isaanii qormaata afaanii irratti kan bu'uureeffatan yoo ta'an, garaagarummaan qorannoo kanneeniin qabu, qabiyyeen kitaaba barataa qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa wajjiin walsimannaa qabaachuu, qabiyyeen qormaata moodeelaafi biyyooleessaa walsimannaa qabaachuu, qormaanni ilaallame kan bara 2008 ta'uu, qormaanni xiinxalame biiroo barnootaafi dhaabbata qormaataan kan qophaa'e faa ilaala.

# Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi Mala Qorannichaa

Qorattuun gaaffiiwwan kaaste mala qorannoo wajjiin kan walqabateedha. Kunis odeeffannoo maaliin sassaabbama? Akkamitti sassaabbama? Odeefkennitoonni akkamitti filatamu? Odeeffannoon erga sassaabame akkamitti qaacceeffama? Jechuun gaaffiiwwan mala qorannoo wajjiin walqabatan kaaste. Kanaafuu gaaffiif deebii kennuuf mala qorannootiin fayyadamte.

Qorannoo kana keessatti mata dureen mala qorannoo kanhammate: Akaakuu mala qorannoo, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaalee, mala ragaan ittiin funaannamufi mala ragaan ittiin qaacceffamu kanibsiteedha.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Akaakuun qorannoo ragaawwan maddootarraa argaman qaacceessuuf qorattuun fayyadamte qorannoo makaadha. Innis, mala akkamtaafi mala hammamtaati. Mala kana kan fayyadamteef ragaaleen argaman jechaaniifi lakkoofsaan kan ibsaman wanta ta’aniif, malli kun mijataa ta’uufi meeshaan ragaan ittiin funaannatte sakatta’a sanadaafi qorata afaanii ta’uu isaati. Akka Addunyaan (2011:15), irratti ibseetti,“Meeshaaleen odeeffannoo akkamtaa ittiin funaannamu daawwannaa, sakatta’insa barruu, marii garee xiyyeeffataman,afgaaffiifi wkf ta’a”jedha.Yaada kanarraa hubachuun akka danda’ameetti meeshaalee ragaa qorattuun filatteef, malli akkamtaa mijataa ta’uudha. Akkasumas, Dastaan(2013), Marietjiefi Marieta(2001) waabeeffachuun akka ibseetti, qorannoo akkamtaa gaggeessuuf odeeffannoo kanfunaannannu daawwannaa, afgaaffii, dookumantii sakatta’uufi meeshaalee dhag-argee (audio-visual materials) fayyadamuudha jechuun ibsa. Kanaafuu, meeshaaleen ragaa qorattuun ittiin funaannatte, malli qorannoo akkamtaa isii gargaare.

Karaabiraatiin qorannoo hammamtaa fayyadamte. Innis odeeffannoo argatte lakkoofsaan ibsite waan ta’eefi. Akkasumas, qabiyyee kitaabaa, qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa wajjiin walsimsiisuu waan ta’eef isaan gidduu ta’uun tokko kan biraa wajjiin firoomni qaban maal akka ta’e beekuuf gosa qorannoo kana filatte.Kana ilaalchisuun Yaalaw (2004), qorataan xiyyeeffannoo kan kennuuf wantoota walsimsiisu ta’ee tokko kan biroo wajjiin firooma qabuufi dhiibbaa malee kanaan ala dhimma ta’ee

miti jedha. Inni biraa gosti qorannoo kun saayinsaawaa ta'uusaati. Dastaa (2013), Qorannoonkunsaayinsummaasirritticalaqqisiisa.Kunisqorataanmatadureefilata,barruu sakatta'a, odeeffannoo walitti qabata, odeeffannoo funaanname sana ibsa, argannoorra gaha jedha.Qorattuunis adeemsa kana hordoftee qorannoo kan gaggeessite ta'uu isaati.

### 3.2. Madda ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuuf maddi ragaa tokkooffaatti qorattuun fayyadamte sakatta'a dookumantii yoo ta'u, isaanis: kitaaba barataa kutaa 9$^{ffaa}$, kitaaba barataa kutaa 10$^{ffaa}$, qormaata moodeela kutaa 10$^{ffaa}$bara 2008 fi qormaata biyyooleessaa kutaa 10$^{ffaa}$bara 2008tti gargaaramuun ragaa walitti qabatte.

Kitaaba barataa kutaa 9$^{ffaa}$fi kitaaba barataa kutaa 10$^{ffaa}$ kanbarbaachiseef qormaanni moodeelaa kutaa 10$^{ffaa}$fi qormaanni biyyooleessaa kutaa 10$^{ffaa}$ kitaabota lamaan irratti hundaa'uun baha waan ta'eefi.kanaaf qabiyyeen kitaaba barataa, qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa wajjiin walsimannaa qabaachu isaanii sakatta'uuf maddi ragaa dookumantii qorannoo isheetiif murteessaadha.

### 3.3. Mala ragaan ittiin funaannamu

Kaayyoon qorannoo kanaa walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo, Moodeelaafi qormaata biyyooleessaa kutaa 10 bara2008 xiinxaluudha. Kaayyoo kanas galmaan gahuuf, meeshaaleen funaansa ragaalee sakatta'a dookumantiifi afgaaffiidha.

#### 3.3.1 Sakatta'a dookumantii

Qorannoon yeroo adeemsifamu akkuma amalaafi gosa qorannoo, qorattuun ragaa funaannachuuf meeshaalee funaansa ragaa barbaachisaafi qorannoo isiitiif mijataa ta'e fayyadamuu qabdi.Qorannoon gaggeessite walsimannaa qabiyyee kitaabaafi qormaataa waan ta'eef isaan kun dookumantii keessatti argamu.

Akka yaalaw (2004) ibseetti, dookumantiin kan of keessatti hammatu xalayaalee, yaadannoo nama dhuunfaa,qaboo yaa'ii, labsiilee, ittiin bulmaata, gabaasa waggaa, seenaa nama dhuunfaa, qabxii barattootaa, qormaata darban, kartaalee, barruulee,

gaazeexota, kitaabotaafi kkf sababoota adda addaatiin haala barreeffamaan qophaa’anii kan argaman jedha.

Kanaafuu qorattuunis, qorannoo isiin gaggeessite sanada qormaataafi kitaaba wajjiin walqabata waan ta’eef, meeshaa funaansa ragaalee kana fayyadamte.

### 3.3.2 . Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee ragaa ittiin funaanan keessaa tokko.Innis kan afaaniin gaaffii dhiyaateef deebii kennamuudha.Kunis kan barbaachiseef, qabiyyee qormaataa ilaalchisee ragaa sanadarraa argame jajjabeessuufi yaada dabalataa argachuuf, Biiroo Barnoota Oromiyaatti, ogeessa qormaata qopheessuu wajjiin qopheeffameedha. Sufiyaan, Nunaniin (1992), waabeeffachuun akka ibseetti, afgaaffiin gosa sadi qaba. Isaanis, afgaaffii caaseffamaa, afgaaffii gamisa caaseffamaa fi afgaaffii hin caaseffaminidha.Qorattuunis afgaaffii gamisaan caaseffamaatti fayyadamte.

## 3.4. Mala Iddattoo

Qorannoon kun yemmu gaggeeffamaa turetti iddatteessuu gosa lamatti dhimma bahameera.Isaanis: mala iddatteessuu akkayyoofi mala iddatteessuu ammargeeti. Sababni isaatis mala iddatteessaa akkayyoo Addunyaan (2011:67) akka ibseetti,”Qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachu danda’u murteessu ilaallata” jedha. Karaabiraatiin, Dastaan (2013), yemmu mala kana fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitoota itti yaanneetuma filanna. Kanaafis sababa quubsaa qabaachuun barbaachisaadha jechuun yaada isaa kaheera. Malli inni lammaffaan, mala iddatteessuu ammargee yoo ta’u, sababni malli kun filatameef, qorataan ragaa qorannichaaf isa barbaachisu qaama dhimmichi ilaallatu keessaa ammuma jiran (hanga argate) irraa funaanuuf waan gargaaruufi (Addunyaa, 2011).

Mala iddatteessuu akkayyoottifi ammargeetti gargaaramuun, qormaanni moodeelaa kun qopheeffamee kan dhiyaatu mana barumsa keessatti osoo hintaane, Biiroo Barnoota Oromiyaatti ta’uufi qaamni qormaata qopheessu illee ogeessota qormaataati. Kanaaf akka kaayyoo qorannoo qorattuutti qormaata kanatti dhiyeenya kan qabaniifi qophii isaarratti illee hubannoo cimaa kan qaban Biiroo Barnoota Oromiyaatti hayyoota qormaata

moodeelaa qopheessan waan ta'aniifi. Karaabiraatiin bakka bu'aa ogeessa qormaataa akka jamaa qiyyaafannoo (target) qorannichaa tahee tajaajileera. Hayyoonni qormaata qopheessan achitti hinargaman waan ta'eef, bakka bu'aa ogeessa qormaataa qofa hirmaataa taasiste jirti.

### 3.5. Adeemsa Ragaalee Funaanuu

Kaayyoo qorannoo kana galmaan gahuuf /milkeessuuf ragaalee yemmu funaanname adeemsa armaan gadii hordoofte. Jalqabarratti qormaata moodeelaa 2008, qormaata biyyooleessaa 2008fi kitaaba barataa kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ walitti qabatte . Lammaffaarratti qabiyyee qormaatarraafi kitaabarra jiran kopha kophaatti galmeesite. Itti aansuun walbira qabuun walsimsiiste. Sana booda bu'aa sakatta'a kanarraa argatte irratti hundaa'uun gaaffii qopheeffachuun Biiroo Barnoota Oromiyaa deemuun ogeessa qormaataatiif afgaaffii dhiyeessuun ragaa funaannatte.

### 3.6. Mala ragaa qaaccessuu

Ragaaleen meeshaalee funaansaa lamaan(sakatta'a kitaaba barataa, qormaata moodeelaafi qormaata biyyoolessaafi afgaaffii) irraa walitti qabaman mala akkamtaafi mala hammamtaan fayyadamuun qaacceffamaniiru. Malli akkamtaa, adeemsa ragaan itti xiinxalamu keessaa tokko ta'ee, ragaawwan sakatta'aafi afgaaffiin walitti qabaman, jechaan kanitti ibsaman yemmu ta'u, Malli hammamtaa odeeffannoo bifa lakkoofsaatiin walitti qabaman dhibbeentaatti jijjiiruun kan qaacceffamaniidha.

Kanaafuu qorattuun ragaalee walitti qabatte irratti hundaa'uun mala makaa (mala akkamtaafi hammamtaa) walsimsiisuun fayyadamtee ragaalee qaacceessite.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa afaan oromoo, moodeela bara 2008fi qormaata biyyooleessaa kutaa 10$^{ffaa}$ bara 2008 xiinxaluudha. Kanaafuu boqonnaan kun ragaalee sassaabaman kutaa itti qaacceeffamaniidha.

Jalqabarratti kitaaba barataa kutaa 9$^{ffaa}$ fi 10$^{ffaa}$ keessatti qabiyyee argaman adda baafamaniiru. Itti aansuun qabiyyee qormaata moodeelaafi qormaata biyyoolessaa keessatti argaman sakatta'uun qaacceeffamaniiru. Ragaalee afgaaffiidhaan argaman akka gargaarsaatti ykn madda ragaa dabalataatti dhiyaataniiru.

## 4.1 Ibsa Gabaabaa Waa'ee Madda Ragaalee

Kitaaba barataa madda ragaatiif sanada fayyadamteedha. Qorannoo kanaaf madda ragaa ta'uun kitaabni tajaajile Minsteera Barnootaatiin bara2005 fooyya'ee kandhiyaateedha. Bara 2005 kitaaba barataa kutaa 9$^{ffaa}$fi 10$^{ffaa}$ maxxanfame irratti seensa fuula iv,"kitaabni barataa armaan dura bu'uura buusuurratti shoora ol aanaa kan taphate ta'uullee, hanqinoota tokko tokko akka qabu hubatameera. Kitaabni kun immoo, amma danda'ameetti qulqullinni isaa eegamuun kan qophaa'e ta'u, kaayyoon isaas barattoonni ogummaawwan dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caasluga, ogbarruu gadi fageenyaan xiinxaluufi k.k.f akka gabbifatan taasisuudha" jechuun kahame jira. Kanaafuu, qormanni yeroo bahu kitaaba barataa irratti kanbu'uureeffate waan ta'uuf kitaaba barataa keessatti qabiyyeewwan barnootaa kahaman dandeettiiwwaniifi dameewwan beekumsaa adda baasuun akka armaan gadiitti ibsamuuf yaalameera.

Kitaaba barataa kutaa 9$^{ffaa}$ fi 10$^{ffaa}$boqonnaawwan kudha saddeet (18) kan qabate yoo ta'u, boqonnaawwan keessatti immoo dubbisa adda addaa tokko dhiyaataniiru. Dubbisa tokko tokkoo jalatti gilgaalonni adda addaa kahamaniiru. Dhiyaatiinsi gilgaalotaa dubbisanii hubachuu, dhageeffachuu, barreessuu, dubbachuufi caasluga faadha. Qabiyyeewwan barnootaa kanniin dandeettiiwwan afaanii arfan (dubbisuu, dhageeffachuu, dubbachuufi barreessuu) akkasumas, dameewwan beekumsaa caasluga, hiika jechootaafi afoola keessatti kan kahaman qabiyyeewwan barnootaa adda baafamanii dhiyaataniiru.

Afaan Oromootiin qorumsi biyyooleessaa kutaa 10 kan kennamuu jalqabe bara 1993 yoo ta'u, innis dhaabbata qormaataatiin qophaa'a. Akkasumas, qormaanni moodeelaa barsiisaa dareeniifi M/B irratti qophaa'ee kan kennamaa ture ta'us, bara 2005 barattootaaf fakkeenyummaa qormaata biyyooleessaatiif akka oolu Biiroo Barnoota Oromiyaatti dhiyaatee kennamaa jira.

Qormaanni kun lamaan gaaffiiwwan 80 ofkeessatti kanhammataniifi gosoota qabiyyee garagaraa bifa filannootiin kan keessatti dhiyaateedha.

## 4.2 Ragaalee Sanadarraa Argaman

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qabiyyee kitaaba barataa qormaata wajjiin walsimsiisuudha. Kanaaf Kitaaba barataa madda ragaa keessaa tokko godhattee walsimannaa isaa haala salphaa fi mijataan qaacceessite.

### 4.2.1 Kitaaba barataa kutaa 9ffaa

Kitaaba barataa kutaa 9ffaa barnoota afaan oromoo keessatti qabiyyeewwa barnootaa dhiyaatan ilaalchisee, dandeetti dubbisuu keessatti qabiyyeewan dubbisa dubbisanii hubachuu, jechoota dubbisa keessaa bahan haala galumsa isaaniitiin hiika kennuu, dubbisa dubbisaniifi muuxannoo isaanii walqabsiisanii barreessuu,dubbisa dubbisaniifi muuxannoo isaanii walqabsiisuun mari'achuun gabaasuu,jechoota dubbisa keessaa bahan haala galumsa isaaniitiin iddoo duwwaa galchuu,keeyyata keessaa hima ijoo baasuu, dubbisa keessaa odeeffannoo fudhachuun gabatee keessatti guutu,walaloo dubbisuun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisuufi xalayaa dubbisuun deebii isaa barreessuudha.

Dandeettii dhageeffachuu ilaalchisee matadureewwan hammataman: dubbisa dhiyaateef dhageeffachuun iddoo duwwaa guutuu, dhageeffachuun deebii afaaniin kennuu, dubbisa dhageeffatan irratti mari'achuun, jechoota dubbisa keessaa bahan dhageeffachuun hiika kennuufi jechoota dubbisa keessatti dhageeffatan hiikaan walitti firoomsuu isaan jedhamaniidha.

Dandeettii barreessuu jalatti matadureewwan kahaman:fakkiiwwan kahaman irratti hundaa'uun keeyyata barreessuu, mataduree kennameef irratti keeyyata barreessuu, jechoota 150-200 qabaniin waa'ee faayidaa raadiyoofi televijiiniin dhukkuba HIV/ADSII

hir’isuurratti qabu barreessuu, wantoota lama walbira qabuun barreessuu, odeeffannoo gabateerratti hundaa’uun barreessuu,tapha ijoollee naannoo isaaniitti taphatamu tartiiba eeguun barreessuu, ragaa giraafiin dhiyaate barreeffamatti jijjiiruu, seenaa jireenyaa barrreessuu,asoosama gabaaba barreessuu,himoota dhiyaatan irratti iddoo barbaachisuutti qubguddeessa sirreessuun barreessuufi xalayaa barreessuu kan jedhaman yoo ta’u, dandeettii dubbachuurratti seera falmii eeguun falmii gaggeessuu kan jedhuutu dhiyaate.

Dameewwan beekumsa afaanii caasluga jalatti qabiyyeewwan dhiyaatan :jechoota tishoo akkaata galumsa isaaniitiin hiikarratti mari’achuu, jechoota tisheessuun hiika kennuu, jechoota tishoo iddoo duwwatti guutuu,jechoota birsagaan qooduu,gosoota gaalee adda baasuu,gosoota maqaa adda baasuun barreessuu,jechootarraa fufiilee duraafi boodaa baasuu,maqaalee akka maqibsiitti tajaajilan adda baasuu,himoota hennaa ammeennaa agarsiisan adda baasuu,himoota keessatti sarara xiqqaafi tuttuqaa galchuu, himoota keessaa hennaa amsiiqaa baasuu, hima keessatti iddoo barbaachisutti tuqaafi qoodduu jabaa galchuu,hima keessatti maqibsi jala sararuun gosa isaa himuu,hima keessatti bamaqaa jala sararuu,hennaa darbeennaa adda baasuu,gochima addaan baasuun barreessuu, gochima hundeetiin mathima qeenxeefi danuu fayyadamuun hima ijaaruu, himoota keessa tarsiiqaa agarsiisan barreessuu, firoomsee adda baasuun barreessuu, keeyyata keessaa gochibsoota baasu,gochibsootatti hima ijaaruu,gochawwan cimdii cimdiin kennaman fayyadamuun hima ijaaruu,jechoota duraaduuba eegsiisuun hima ijaaruu, (mathima,antimafi gochima)walsimsiisuun hima ijaaruu, sababaafi bu’aa adda baasuu, odeeffannoo gabateerratti hundaa’uun hima hennaa murnaalaa agarsiisu hima ijaaruu, walqabsiistota filachuun iddoo duwwaa guutuu,keeyyata keessatti iddoo barbaachisutti sirna tuqaalee galchuufi hima yaada haqaafi dhuunfaa agarsiisan adda baasuu kan jedhaman hammateera.

Hiika jechootaarratti qabiyyeewwan hammataman, jechoota hiikaan walitti firoomsuu, jechootaaf hiika faallaa kennuu, jechoota waliin deeman kahuu, jechoota adda ta’an filachuufi akka seera loojikiitti jecha sirrii ta’e fildhu kanjedhaniidha.

Dameewwan beekumsaa keessaa afoola keessatti qabiyyeewwan hammataman,yaada mammaksaa filachuu,mammaaksa jalqabamanii hafan xumuruu, geerarsa goota faarsuuf gargaaran barreessuu,tapha ijoollee seerasaa eeguun barreessuu, sheekkoo barreessuu,

hiibboo jalqabamanii hinxumuramiin xumuruu, oduu durii jalqabaman xumuruu,faaruu daa’immanii dubbisuun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisuu, ciigoowwan dhiyaatan dubbisuun sorgoofi sokoo addaan baasuun barreessuu,hiika jechamootaa kennuu,gosoota dubbii qolaaf fakkeenya kennuufi mammaaksa mammaaksaan hiikuu dha.

Haaluma kanaan kitaaba barataa kutaa 9ffaa keessatti qabiyyeewwan barnootaa armaan olitti kahaman gabateen dhiyeessuun yaalameera .Kun kantaasifameef hangam takka qabiyyeewwan kenname irratti xiyyeeffachuun shaakalliin gaggeeffamee jiraa gaaffi kan jedhu ilaaluuf waan dandeessisuufidha.

**Gabatee 1: Kitaaba barataa kutaa 9ffaa Afaan Oromoo keessatti Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan uwwifaman.**

| **T.L** | **Qabiyyeewwan** | **Baay’ina gaaffiiwwan dhiyaatan** | |
|---|---|---|---|
| | | **Lakk.** | **%** |
| 1. | Dubbisuu | 608 | 51.96 |
| 2. | Dubbachuu | 5 | 0.43 |
| 3. | Dhageeffachuu | 52 | 4.44 |
| 4. | Barreessuu | 48 | 4.1 |
| 5. | Caasluga | 281 | 24.02 |
| 6. | Hiika jechootaa | 65 | 5.55 |
| 7. | Afoola | 111 | 9.5 |
| | **Ida’ama** | **1170** | **100** |

Akka gabatee armaan oliirraa ilaallametti baay’ina gaaffiiwwan dhiyaatan irratti hundaa’uun yemmu kahamu xiyyeeffannoo olaanaan kankannameef dandeettii dubbisuu qabiyyee ilaallatuudha. Qabiyyeewwan kitaaba keessatti hammataman hunda keessaa dandeettiin dubbisuu 608/51.96% uwwisa argateera. Dandeettii dubbisuutti aanee caasluga yoo ta’u, innis 281/24.02% lammaffaa irratti xiyyeeffannoo argateera. Afoolli immoo 111/9.5% sadaffaarratti yemmu argamu, hiikni jechootaa 65/5.55% afraffaarra taa’ee jira. Shanaffa irratti kankahame dandeettii dhageeffachuu 52/4.44% dha. Kanatti aansee sadarkaa jahaffaa kan argate dandeettii barreessuu 48/4.1% yoo ta’u, dandeettii dubbachuu 5/0.43% sadarkaa dhumaarratti argamuun duraa duubaan kahamanii jiru.

Kunis, kitaaba barataa kutaa 9ffaa irratti baay'ina gaaffiiwwan dhiyaatan yoo ilaallu xiyyeeffannoo olaanaa kanargate dandeettii dubbisuuti. Kunis kitaaba keessatti gaaffiiwwan dhiyaatan 1170 (kuma tokkoofi dhibba tokkoof torbaatama) keessaa 608/51.96% qabatee argama. Kun kan agarsiisu qabiyyeewwan qophaa'an keessaa baay'ina gaaffiiwwan baheen xiyyeeffannoo olaanaan kan kannameef ta'uu agarsiisa.

### 4.2.2 Kitaaba Barataa kutaa 10ffaa

Qabiyyeewwan dhiyaatan keessaa tokko dandeettii dubbisuu yoo ta'u, as jalatti mata dureewwan ilaallaman: saffisaafi sakattaan dubbisuun gaaffiiwwan dubbisa keessaa bahan deebisuu, hiika jechootaa akkaataa galumsaatiin hiika kennuu, yaada dubbisaafi muuxannoo isaanii walbira qabuun keeyyata barreessuu,ragaa dubbisa keessaa argateetti fayyadamuun yaada jalqabame xumuruu, yaada dubbisaa irratti mari'achuun dareef gabaasa dhiyeessuu, hiika jechamootaa akkaata dubbisa keessaatiin hiika kennuu, latiinsa hidda dhalootaa barreessuu, jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika faallaa kennuu, jechoota filachuun iddo duwwaa guutuu, garaagarummaafi tokkummaa wantootaa barreessuu, weedduuwwan walaloon dhiyaatan dubbisuun gaaffiiwwaniif deebii kennuufi mana kitaabaa deemuun kitaabota garagaraa dubbisuun qaamolee gurguddoo kitaabichaa barreessuun dareef gabaasuu isaan jedhamaniidha.

Dandeettii dhageeffachuu ilaalchisee qabiyyeewwan kahaman: dubbisa isaanii dubbifamu dhageeffachuun iddoo duwwaa guutuu, waan dhageeffataniifi muuxannoo isaanii walqabsiisuun gareen mari'achuu, dhageeffachuutti osoo hinseeniin hiika jechootaa tilmaamuufi dubbisa dhageeffatanii deebii kennuudha.

Dandeettii barreessuu jalatti: yaada jalqabamee hafe xumuruu,mata duree kennameef irratti keeyyata barreessuu,iddoo barbaachisaatti sirna tuqaalee galchuun barreessuu, seenaa jireenyaa barreessuu,tokkummaafi garaagarummaa wantootaa walbira qabuun barreessuun ibsuu,himoota sababaafi bu'aa agarsiisan jala sararuu,yaada haqaafi dhuunfaa adda baasuu,keeyyata keessaa hima ijoo,himoota callaafi hima goolabaa adda baasuun barreessuu,gumee qopheessuun keeyyata tokko barreessuufi xalayaa barreessuu yoo ta'u, dandeettiin dubbachuu keessatti qabiyyeen argamu falmii gaggeessuu kan jedhu qofadha.

Dameewwan beekumsa afaanii keessaa caasluga jalatti qabiyyeewwan dhiyaatan: jechoota birsagaan qooduu,sirna tuqaalee yaada xumuruuf oolan bakka galuutti galchuun barreessuu,hima hennaa ammeennaafi amsiiqaa agarsiisan addaan qooduun agarsiisuu, jechoota kenname irratti fufii dabaluun baay'ina agarsiisuu,jechoota irraa fufii baasuu,jechoota tisheessuun hiika kennuu,latii walabaafi walabalaaf fakkeenya kennuu,himootarraa gaalee baasuun gosoota isaanii himuu,ciroo hirkataafi of danda'aa adda baasuu,hennaa tarsiiqaafi raawwima darbeennaa adda baasuun jala sararuu, bamaqoota qeenxeefi danuutti akkaata isaan maqaafi gaalee bakka bu'uu danda'an agarsiisuuf hima ijaaruu, keeyyata dhiyaate keessatti iddoo barbaachisaa ta'eetti qubguddeessaafi sirna tuqaalee galchuu, maqaalee adda baasuun jala sararuun gosa isaanii himuu, maqaa akka maqibsiitti tajaajilan jala sararuu, maqibsiifi gochimoota adda baasuun akaakuu isaanii himuu, walqabsiisota gosa gosaan barreessuu, himoota keessaa mathima, antimaafi gochima addaan baasuu, gochibsa himoota keessaa baasuun gosoota isaanii himuu, durduubee fayyadamuun hima ijaaruu, gochimootatti fayyadamuun hima ijaaruu, akaakuu himootaa barreessuufi jechootaa hiika faallaa kennuu kan jedhaman keessatti hammatame jira.

Hiika jechootaa qabiyyee ilaallatan mata dureewwan kanneen of keessatti hammata. Isaanis jechoota hiikaan walitti firoomsuu, jechoota jala sararaman hiika galumsaa kennuufi jechoota hiika faallaa qaban walitti firoomsuu kanjedhuudha.

Qabiyyee afoolaaa ilaalchisee mata dureewwan kahaman:sirboota gaa'ilaa naannoo isaaniitti sirbaman barreessuu, geerarsa nama beekkamaa ittiin faarsan nama gaafachuun barreessuu, mammaaksa jalqabamanii hafan filachuun itti xumuruu, oduu durii dubbisuun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisuu, ciigoowwan irraa sorgoofi sokoo baasuu, ciigoowwan barreessuu, hiibboowwanii deebii barbaaduu, hiika jechamootaa barreessuufi gosoota malleen dubbii adda baasuudha.

Haaluma dursaan ibsameetti qabiyyeewwan kitaaba barataa armaan oliitti mata dureen isaanii tokko tokkoon ilaallame hammi gaaffiiwwan keessaa bahanii xiyyeeffannoo argatan hubachuuf gabateen dhiyaatee jira.

**Gabatee 2: Kitaaba barataa kutaa 10ffaa Afaan Oromoo keessatti qabiyyeewwan uwwifaman.**

| T.L | Qabiyyeewwan | Baay'ina Gaaffiiwwan dhiyaatan. | |
|---|---|---|---|
| | | **Lakk.** | **%** |
| 1 | Dubbisuu | 606 | 53.87 |
| 2 | Dubbachuu | 8 | 0.71 |
| 3 | Dhageeffachuu | 61 | 5.42 |
| 4 | Barreessuu | 49 | 4.35 |
| 5 | Caasluga | 291 | 25.87 |
| 6 | Hiika jechootaa | 20 | 1.78 |
| 7 | Afoola | 90 | 8 |
| | **Ida'ama** | **1125** | **100** |

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda'ameetti xiyyeeffannoo ol aanaa kan argate dandeettii dubbisuuti.Innis 606/53.87% ta'uun sadarkaa tokkoffaa yemmu argatu;sadarkaa lammaffaa ta'uun kan argame dameewwan beekumsa afaanii keessaa caaslugadha; kunis 291/25.87% dha.Itti aanee kan argamu afoola 90/8% sadarkaa sadaffaarratti kan argamudha. Sadarkaa afraffaa kan ta'e, dandeettii dhageeffachuu 61/5.42% yoo ta'u, itti aanuun kan argamu dandeettii barreessuuti.Innis 49/4.35% ta'uun sadarkaa shanaffaarratti argama.Sadarkaa jahaffaarratti kan kahame hiika jechootaa 20/1.78% dha.Sadarkaa dhumaarratti kan argamu dandeettii dubbachuu yoo ta'u, inni kun xiyyeeffannoo gad aanaa kan argate 8/0.71% ta'uunii dha.

Kanaaf, kitaaba barataa kutaa 10ffaa kana keessatti qabiyyeen xiyyeeffannoo ol aanaa argate dandeettii dubbisuuti. Kunis kitaaba keessatti gaaffiiwwan dhiyaatan 1125 (kuma tokkoofi dhibba tokkoof diigdamishan) keessaa 606/53.87% qabatee argama. Kitaaba kana keessatti xiyyeeffannoo ol aanaa kennamuufi agarsiisa.

### 4.2.3 Kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa

As keessatti maddi ragaa kun irra deebi'amu kan barbaachiseef, kitaabota kana lamaan walbira qabuun qabiyyee kamtu xiyyeeffannoo olaanaa /gahee guddaa qaba isa jedhu ilaaluufi. Sababni isaas qormaanni moodeelaas ta'ee qormaanni biyyooleessaa kan bahu kitaaba kanneen irratti xiyyeeffateeti.Yemmu qormaata irratti bahu kun kan kutaa kanaati jedhamee osoo hintaane walitti qabaatti baha. Kanaafuu kitaabni kun lamaan yemmu walitti dhufan hangam takka qabiyyeewwaniif xiyyeeffannoo kennan isa jedhu ilaaluufi.

**Gabatee 3: Kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan uwwifaman**

| T.L | Qabiyyeewwan | Baay'inaGaaffiiwwan Kutaa 9ffaa keessatti dhiyaatan | | Baay'inaGaaffiiwwan Kutaa 10ffaa keessatti dhiyaatan | | walumaagalatti | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | **Lakk.** | **%** | **Lakk.** | **%** | **Lakk.** | **%** |
| 1 | Dubbisuu | 608 | 51.96 | 606 | 53.87 | 1214 | 52.90 |
| 2 | Dubbachuu | 5 | 0.43 | 8 | 0.71 | 13 | 0.57 |
| 3 | Dhageeffachuu | 52 | 4.44 | 61 | 5.42 | 113 | 4.92 |
| 4 | Barreessuu | 48 | 4.1 | 49 | 4.35 | 97 | 4.22 |
| 5 | Caasluga | 281 | 24.02 | 291 | 25.87 | 572 | 24.92 |
| 6 | Hiika jechootaa | 65 | 5.55 | 20 | 1.78 | 85 | 3.7 |
| 7 | Afoola | 111 | 9.5 | 90 | 8 | 201 | 8.77 |
| | **Ida'ama** | **1170** | **100** | **1125** | **100** | **2295** | **100** |

Akkuma gabatee armaan oliirraa hubachuun danda'ameetti kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti qabiyyeen xiyyeeffannoo ol aanaa argate dandeettii dubbisuuti. Inni kunis yemmu lakkoofsaan ilaallamu 1214/52.90% kanargate yoo ta'u, kanatti aansuun sadarkaa lammaffaa kanargate damee beekumsaa keessaa caasluga 572/24.92%dha. sadarkaa sadaffaarratti kan argamu afoola 201/8.77%dha. Kanattiaanee, sadarkaa afraffaarra kan

jiru dandeetti dhageeffachuu 113/4.92% yoo ta’u, sadarkaa shanaffaarratti kan argamu dandeettii barreessuu 97/4.22%dha.Sadarkaa jahaffaa irratti kanargamu hiika jechootaa 85/3.7% yoo ta’u, inni sadarkaa dhumaa dandeettii dabbachuuti.Innis 13/0.57% dha.

Kunis kitaaba kutaa 9^ffaa fi 10^ffaa keessatti qabiyyeen xiyyeeffannoo ol aanaa argate dandeettii dubbisuu yoo ta’u, innis gaaffiiwwan dhiyaatan 2295 (kuma lamaafi dhibba lamaaf sagaltamishan) keessaa gaaffiiwwan 1214/52.90% qabiyyee kana keessatti uwwifamuun isaa irra caalaatti dandeettiiwwaniifi damee beekumsaa kan ta’an keessaa dandeettiin dubbisuu uwwisa bal’aa argachuu isaa beeksisa.

Hanga ammaatti kitaaba barataa kutaa 9^ffaa fi 10^ffaa keessatti qabiyyeewwan argaman qabiyyee barnootaa gurguddoo ta’an jahatti qooduun ilaallamuun yaalameera.Kanatti aansuun, biiroo barnoota oromiyaatiin kanqophaa’u qormaata moodeelaa akka sanadaatti fudhachuun qabiyyee keessatti argamuun qaacceeffame jira.

**4.2.4 Qormaata Moodeelaa**

Qabiyyeen barnootaa qormaata kana keessatti argamu dameewwan dandeettii afaaniifi dameewwan beekumsaatti ramadamaniiru. Dandeettii afaanii keessaa dubbisuu qofatu jira. Dandeettiiwwan hafan (dubbachuu, dhageeffachuufi barreessuun) qormaata kana keessatti hin hammatamne.

Dameewwan beekumsaa caasluga yoo ilaalle matadureewwan adda addaa of keessatti qabate jira.Isaanis walqabsiistoota, durduubeewwaniifi dhamjecha irratti hundaa’uun deebisi, birsagarratti hundaa’uun haala gaafatamteen deebisi, himoota walmakanii jiran keeyyata tokko ijaaruu akka danda’anitti sirreessi, hennaa irratti hundaa’uun deebisi, afaan irratti hundaa’uun kan bahe haala gaafatamteen deebisi, maqibsirratti hundaa’uun kan dhiyaate hubachuun deebisiifi gochimaafi gochibsa irratti hundaa’uun deebisi kan jedhaniidha.

Qabiyyee afoolaa ilaalchisee mata dureewwan dhiyaatan :ciigoorratti hundaa’uun deebisi, hiibboo dhiyaataniif deebii sirrii filadhu, malleen dubbii irratti hundaa’uun deebisi, jechama irratti hundaa’uun deebisi, geerarsa oromoo kanaa gadiirratti hundaa’uun deebisiifi mammaaksa irratti hundaa’uun deebisi kan jedhan yoo ta’u, hiika jechootaa

irratti hundaa'uun mata dureewwan dhiyaatan: jechoota armaan gadii keessaa adda kan ta'e fildhu, hiika jechootaa kenniifi hiika jechootaa haala galumsaatiin kenniidha.

**Gabatee 4: Qormaanni Moodeelaa bara2008 Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan of keessatti hammate.**

| T.L | Qabiyyeewwan | Baay'ina gaaffiiwwan dhiyaatan | |
|---|---|---|---|
| | | **Lakk.** | **%** |
| 1 | Dubbisuu | 11 | 13.75 |
| 2 | Dubbachuu | - | - |
| 3 | Dhageeffachuu | - | - |
| 4 | Barreessuu | - | - |
| 5 | Caasluga | 44 | 55 |
| 6 | Hiika jechootaa | 10 | 12.5 |
| 7 | Afoola | 15 | 18.75 |
| | **Ida'ama** | **80** | **100** |

Gabatee armaan olii kanarratti hundaa'uun qabiyyeen barnootaa xiyyeeffannoo olaanaa argate yemmu ilaallu, dameewwan beekumsaa keessaa caaslugadha.Innis 44/55% ta'uun sadarkaa tokkoffaarratti kan argamu yoo ta'u, sadarkaa lammaffaarra kan jiru afoola 15/18.75%dha. Kanatti aanuun 11/13.75 kanqabate dandeetti dubbisuu yoo ta'u, hiikni jechootaa 10/12.5% argachuun sadarkaa dhumaarra kahame jira.

Haaluma ibsameen qabiyyee qormaata moodeelaa kana yoo ilaalle, xiyyeeffannoo ol aanaa kantaasifame caaslugaafi.Kunis gaaffiiwwan waliigalaa dhiyaate 80 keessaa gaaffiiwwan 44/55% kandhiyaatan ta'uu nihabatama.

### 4.2.5 Qormaata Biyyooleessaa

Qormaanni biyyooleessaa madda ragaa yoo ta'u, qorannoon kunis xiyyeeffanoon isaa qabiyyeen qormaata biyyooleessaa hangam takka kitaaba barataafi qormaata moodeelaa wajjiin wal simate kanjedhudha. Kanaafuu hangam takka akka walsimate beekuuf qabiyyee keessatti argamu qaacceessuun barbaachisaadha. Qabiyyeewwan kunneenis dandeettiiwwan afaanii keessaa dubbisuu qofa irratti kanxiyyeeffatu yoo ta'u, kanhafan (dubbachuu, dhageeffachuufi barreessuu) qormaanni irraa hinbaane.

Dameewwan beekumsaa kanta'an caasluga, hiika jechootaafi afoola kanhammate yoo ta'u, kitaaba keessatti kanhinjirre, qormaata keessatti kanhammatame jira.Innis waliin dubbiidha.

Qabiyyee dubbisuu keessatti matadureewwan hammataman: keeyyata dhiyaaterratti hundaa'uun qubee deebii sirrii ta'e filachuufi walaloo dhiyaaterratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filachuu kanjedhu yoo ta'u, qabiyyee caaslugaa ilaalchisee mata dureewwan dhiyaatan: hima qubguddeessaafi sirna tuqaalee sirriin ijaarame filachuu, jechoota sirreessuun hima sirrii ijaaruufi caasaa afaan oromoorratti hundaa'uun haala gaafatameen deebisuudha.

Qabiyyee afoolaa kanilaallatu ciigoowwan dhiyaatan bu'uureeffachuun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisi, malleen dubbii himoonni ittiin dhiyaatan irratti hundaa'uun qube sirrii filachuufi mammaaksotaaf hiika kanta'an filachuu kanjedhuudha.Hiika jechootaa ilaalchisee hima keessatti jechoota jala sararamaniif hiika galumsa isaaniitiin qube hiika sirrii ta'e qabate filachuudha. Akkasumas qabiyyee waliin dubbii keessatti tapha hiibboo dhiyaaterratti hundaa'uun jecha/gaalee lakkoofsa bakka duwwaarratti galu filachuun guutuu kan jedhudha.

Qabiyyee kana cuunfuun gabatee armaan gadiirratti lakkoofsaafi dhibbeentaan kahameera.

**Gabatee 5: Qormaanni Biyyooleessaa bara2008 Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan barnootaa of keessatti hammate.**

| T.L | Qabiyyeewwan | Baay'ina gaaffiiwwan dhiyaatan | |
|---|---|---|---|
| | | **Lakk.** | **%** |
| 1 | Dubbisuu | 20 | 25 |
| 2 | Dubbachuu | - | - |
| 3 | Dhageeffachuu | - | - |
| 4 | Barreessuu | - | - |
| 5 | Caasluga | 35 | 43.75 |
| 6 | Hiika jechootaa | 10 | 12.5 |
| 7 | Afoola | 15 | 18.75 |
| | **Ida'ama** | **80** | **100** |

Gabatee olii kanarraa hubachuun akka danda'ameetti qabiyyeen xiyyeeffannoo ol aanaa argate caaslugadha. Innis 35/43.75% uwwisa argachuun sadarkaa tokkooffaa qabatee jira. Sadarkaa lammaffarratti kan argamu qabiyyee dandeetti dubbisuu yoo ta'u, innis 20/25% qabatee argame jira. Itti aanee sadarkaa sadaffaa kanqabate afoola dha.Kunis 15/18.75%dha. Sadarkaa dhumaarra kanjiru hiika jechootaa yoo ta'u, innis 10/12.5% qabachuuni.

Qaacceessa kanarraa akka hubatameetti xiyyeeffannoo ol aanaa kanargate caaslugadha. Innis gaaffiiwwan dhiyaatan 80(saddeettama) keessaa 35/43.75% uwwisuun ta'uu nihubatama.

Kanatti aansuun qormaata moodeelaa bara2008 qophaa'anii dhiyaatan qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9$^{ffaa}$fi 10$^{ffaa}$ wajjiin walsimannaa qabiyyee qabaachuu ilaaluuf yaalameera.

### 4.2.6 Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ qormaata moodeelaa bara 2008 wajjiin qabu.

Kana dura gabatee 3 jalatti kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ keessatti qabiyyee barnoota afaanii maal maal akka qabatan ilaaluuf yaalameera.

Qabiyyeen barnoota afaanis dubbisuu, dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuu, caasluga, hiika jechootaafi afoola akka ta'an adda bayeera. Kun kitaaba barataa keessatti kan argamu yoo ta'u, qormaata moodeelaa qophaa'an keessatti immoo qabiyyee maal maal akka qabatan gabatee 4 jalatti ibsamaniiru.Gochi itti aanu lamaan isaanii innis kitaaba barataafi qormaata moodeelaa gidduu walsimannaa qabiyyee jiru xiinxaluudha.Kana gochuuf akka mijatuuf kitaaba barataa keessatti qabiyyee dhiyaataniifi qormaata moodeelaa keessatti qabiyyee dhiyaatan ni ibsan jedhamanii gaaffiiwwan dhiyaatan walsimannaa qabachuu isaanii ilaaluun barbaachisaadha.

Kanaaf kitaaba barataafi qormaata moodeelaa kanqabate qabiyyee barnoota afaanii lakkoofsaafi dhibbeentaan akka armaan gadiitti dhiyaateera.

**Gabatee 6: Qabiyyeewwanfi Gaaffiiwwan kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ fi Qormaata Moodeelaa walbira yemmu ilaalaman.**

| T.L | Qabiyyeewwan | Kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ keessatti baay'ina gaaffiiwwanii | | Baay'ina gaaffiiwwan Qormaata Moodeelaa | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | **Lakk.** | **%** | **Lakk.** | **%** |
| 1 | Dubbisuu | 1214 | 52.90 | 11 | 13.75 |
| 2 | Dubbachuu | 13 | 0.57 | - | - |
| 3 | Dhageefachuu | 113 | 4.92 | - | - |
| 4 | Barreessuu | 97 | 4.22 | - | - |
| 5 | Caasluga | 572 | 24.92 | 44 | 55 |
| 6 | Hiika jechootaa | 85 | 3.7 | 10 | 12.5 |
| 7 | Afoola | 201 | 8.77 | 15 | 18.75 |
| | **Ida'ama** | **2295** | **100** | **80** | **100** |

Odeeffannoo gabatee dhiyaate irratti bu'uureeffachuun qabiyyee barnoota afaanii tokko tokkoon uwwisa kitaaba barataafi qormaata moodeelaa irratti walsimannaa hangam akka qaban akka armaan gadiitti agarsiisuun danda'ameera.

Dandeettiin dubbisuu kitaaba barataarratti qabiyyeewwan waliigalaa kahaman keessaa 1214/52.90% uwwisuun garaagarummaa hedduun tokkooffaarratti kanargamu yoo ta'u,qormaata moodeelaa dhiyaate keessatti immoo 11/13.75% ta'uun sadarkaa sadaffaarratti argama. Kun kanagarsiisu qabiyyeen dubbisuu uwwisa kitaaba barataarratti kennameefi qormaata moodeelaarratti kenname gidduu fageenyi jiraachuu isaarraa kanka'e, walsimannaan isaa amanamummaa hin qabu.

Dandeettii dubbachuu, dhageeffachuufi barreessuu ilaalchisee kitaaba barataarratti 13/0.57%, 113/4.92%fi 97/4.22% uwwisuun sadarkaa torbaffaa, afraffaafi shanaffaa ta'uun tartiibaan kan jiran ta'anis; qormaata moodeelaa qophaa'ee dhiyaate irratti garuu uwwisa  akka hin kennamneef ilaalamuun danda'ameera. Qabiyyee kanneen ilaalchisee qormaanni kitaaba wajjiin walsimannaa tokko illee kanhinqabne ta'uu ilaallameera.

Caasluga ilaalchisee kitaaba barataarratti 572/24.92% uwwisuun dubbisuutti aanee sadarkaa lammaffaarratti kanargamu yoo ta'u, qormaata moodeelaa qophaa'ee dhiyaate irratti 44/55% uwwisuun sadarkaa tokkoffaarratti argama.Qabiyyeen kana keessatti kitaabni barataa qormaata moodeelaa wajjiin hanga tokko walsimus, guutumaan guututti walsimannaa qaba jechuun hin danda'amu.

Qabiyyee hiika jechootaa yoo ilaalle kitaaba barataarratti uwwisa 85/3.76% qabachuun sadarkaa jahaffaa irratti kan argamuudha.Qabiyyee qormaata moodeelaa dhiyaate irratti yoo ilaallamu 10/12.5% argachuun afraffaarratti argama.Qabiyyee kanaan kitaabni barataa qormaata moodeelaa wajjiin walsimate hin jiru.Xiyyeeffannoo olaanaa kankennameef qormaata moodeelaa keessatti yoo ta'u, kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo gadi aanaatu kennameef. Kanaafuu amansiisummaan isa hanqina qaba.

Qabiyyeen afoolaa kitaaba barataa keessatti uwwisa201/8.77% argachuun sadarkaa sadaffaarratti jira.Qormaata moodeelaa dhiyaate keessatti uwwisa 15/18.75%tiin sadarkaa lammaffaarratti argama.Kanarraa ka'uun yoo ilaalle qabiyyeen kitaaba barataa qormaata moodeelaa wajjiin hanga tokko walsimannaa niqaba.

Gubbaarratti kanibsaman qabiyyeen dubbisuu,caasluga, hiika jechootaafi afoola ilaalchisee, qabiyyeen barnootaa qormaata qophaa'an keessatti hangam takka bakka bu'anii jiru? Kan jedhu yoo ilaallameqabiyyeen kunniin kitaaba barataafi qormaata moodeelaa irra jiraatullee walgitiinsa qaba jechuun hin danda'amu.Sababni isaas, qabiyyeen barnootaa tokko tokko kitaaba barataa irratti uwwisa bal'aa kanqaban yoo ta'u qormaata moodeelaa keessatti uwwisni isaa gadi aanaadha. Akkasumas, qormaata moodeelaa keessatti qabiyyee keessaa gaaffiiwwan heddu kanbahu yoo ta'u, kitaaba barataa keessatti uwwisni isaa dhiphaa dha.

Kitaaba barataa kutaa 9^ffaa fi 10^ffaa keessatti qabiyyeen dubbisuu boqonnaalee hunda keessatti kan jiruufi isa jalatti gaaffiiwwan shaakala dubbisa duraa,shaakala yeroo dubbisuufi shaakala dubbisa boodaa jechuun kan kahaman ta'uufi shaakala kanneen keessatti gaafiiwwan garagaraa kan jiraniidha.Fakkeenyaaf, jechootaaf hiika kennuu, jechoota iddoo duwwaatti guutuu,walaloo dubbisuun deebii kennuu,xalayaa dubbisuun deebii kennuu kan jedhan faa yoo ta'u,gosti gaaffiiwwan kanaa boqonnaa heddu keessatti argama. Haata'u malee, qormaata moodeelaa kessatti gonkumaa hin tuqamne.Kitaaba barataa keessatti qabiyyeen dubbisuu bal'aa yoo ta'u qormaata moodeelaa keessatti gaaffiiwwan 11/13.75% qofa kandhiyaateefi innis qabiyyee gaaffiiwwan dubbisa keessaa bahan haala gafatamteen deebii fildhu kanjedhu qofa.

Qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa keessatti mata dureen uwwisa olaanaa argate waa'ee hennaati. Haata'umalee, qormaata keessatti uwwisa bal'aa kanargate waa'ee himaati. Caaslugni kitaaba barataa keessatti gaafiiwwan 572 yoo ta'u, kana keessaa hennaan 103/18% kan qabateedha.Qormaata moodeelaa keessatti garuu gaaffiiwwan 80 keessaa 5/6.25% kan argateedha. Kanaafuu, walsimannaa qaba jechuun hin danda'amu.

Qabiyyeen barnootaa mata dureen tokko tokko qormaata moodeelaa keessatti gaafatamanii kitaaba barataa keessatti hin tuqamiin jiru. Isaan keessaa waa'ee afaaniifi waliin dubbiidha.Waliin dubbiin dhiyaate dandeetti dubbisaa qoruuf kandhiyaate haata'u malee, kitaaba barataarra mata dureen kun kanhinjirre dha. Kanarraa ka'uun, kitaabni barataafi qormaanni moodeelaa walsimannaa qaba jechuun hin danda'amu. Fakkeenyaaf:

52. Kanneen kanaan gadii keessaa tokko amala afaanii miti.

A.Ergifachuu  B.Guddachuu  C.Du’uu  D.Of danda’u

53. Afaan meeshaa waliigaltee dhala namaa kansagalee dubbiirratti hundaa’uun tajaajilu ta’uu Kan ibsan,

A.Saaayikolojistoota  C.Hayyulee afaanii

B.Antiroppooloojistoota  D.Hayyulee aadaa

54. Waa’ee afaanii ilaalchisee yaadni dogoggoraan kami?

A. Afaan eenyummaafi aadaa calaqisiisa

B. Afaan yaada waljijjiiruuf gargaara.

C. Afaaniif hiika tokko kennuun quubsaadha.

D. Hayyuleen afaanii afaaniif hiika adda addaa kennaniiru.

Akkasumas waliin dubbii ilaalchisee

Leelloo: Akkam bulte? Tolaa

Tolaa : ________________

Leelloo: Har’a mana barumsaa damteettaa?

Tolaa : _________________

Leelloo: Abbaltiin garee kennameera?

Tolaa : Eeyyee kennameera.

Leelloo: _________________

Tolaa : ___________14____________, ollaa namni duunaan achi bulle.

Leelloo: Rakkoo hinqabu, yeruma mana kitaabaa deemnu hojjachuu dandeenya.

Tolaa : Galatoomi!

Leelloo: Nagaan ooli!

Tolaa : __________

11. A. Nagaan ooli C.Nagaa galata waaqayyoo

B.Nagaan buli D.Baga nagaan dhufte

12. A.eeyyee Deemeera C.Eeyyee Bordeemna

B.Eeyyee dhufeera D.eeyyee Bulleerra

13. A.Deemtaniiree C.Dhuftaniiree

B.Yaaltaniiree D.Yaalamtaniiree

14. A.Lakkii, hin nyaannee C.Lakkii, hin kaanee

B.Lakkii, hin Teenyee D.Lakkii, hin yaallee

15. A.Tole, akkam bulte C.Tole Nagaan ooli

B.Tole wal habarruu D.Tole nagaan ooltee?

Karaa biraatiin qabiyyee caaslugaa ta'ee kitaaba barataarra jiru qormaata moodeelaa keessatti hintuqamne jiru.Fakkeenyaaf, gaalee,sababaafibu'aa,yaada haqaafi dhuunfaa, ciroofi bamaqaa dha.Isaan kunneen, gonkumaa qormaata moodeelaa keessatti hin dhiyaanneedha .Kanaafuu kitaaba barataafi qormaanni moodeelaa walsimannaa qaba jechuun hindanda'amu.

Haaluma ibsameen sakatta'a sanadarraa akka argameetti kitaaba barataarratti xiyyeeffannoo ol aanaa kankennameef dandeettii dubbisuu yoo ta'u, qormaata moodeelaa keessatti garuu dameewwan beekumsaa keessaa caaslugaafi, Karaabiraatiin kitaaba barataarratti qabiyyeewwan jiran: dandeetti dubbachuu, dhageeffachuufi barreessu qormaata moodeelaarratti hinbaane. Kanarraa ka'uun qabiyyeen kitaaba barataafi qormaanni moodeelaa walsimannaa qabiyyee niqaban jechuun nama rakkisa.

### 4.2.7 Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ qormaata biyyooleessaa Bara 2008 wajjiin qabu.

Gabatee 3 jalatti kitaaba barataa afaan oromoo kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ keessatti qabiyyeewwan barnootaa argaman ilaaluuf yaalameera. Qabiyyeen baranoota afaanis: dandeettii dubbisuu, dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuu, caasluga, hiika jechootaafi afooladha. Qormaata biyyooleessaa bara2008 qophaa'anii dhiyaatan keessatti qabiyyeewwan barnootaa argaman immoo gabatee 5 jalatti dhiyaateera. Gochi itti aanu kitaaba barataafi qormaata biyyooleessaa gidduu walsimannaa jiru sakatta'uudha. Kana waan ta'eef, qormaata qophaa'anii kennaman keessatti qabiyyeen barnootaa dhiyaatan kitaaba barataa keessatti gaaffiiwwan dhiyaatan wajjiin walsimannaa isaanii ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef gabatee armaan gadiirratti dhiyeessuun danda'ameera.

**Gabatee 7: Qabiyyeewwaniifi Gaaffiiwwan kitaaba barataa kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ fi qormaata biyyooleessaa**

| T.L | Qabiyyeewwan | Kutaa9^ffaa^fi 10^ffaa^ keessatti gaaffiiwwan dhiyaatan. | | Baay'ina gaaffiiwwan qormaata biyyooleessaa | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | **Lakk.** | **%** | **Lakk.** | **%** |
| 1 | Dubbisuu | 1214 | 52.90 | 20 | 25 |
| 2 | Dubbachuu | 13 | 0.57 | - | - |
| 3 | Dhageeffachuu | 113 | 4.92 | - | - |
| 4 | Barreessuu | 97 | 4.22 | - | - |
| 5 | Caasluga | 572 | 24.92 | 35 | 43.75 |
| 6 | Hiika jechootaa | 85 | 3.7 | 10 | 12.5 |
| 7 | Afoola | 201 | 8.77 | 15 | 18.75 |
| | **Ida'ama** | **2295** | **100** | **80** | **100** |

Odeeffannoo gabatee irratti ibsame irraa ka’uun qabiyyee barnootaa kitaaba barataafi qormaata biyyooleessaa walsimannaa qaban tokko tokkoon akka armaan gadiitti ibsameera.

Dandeettii dubbisuu kitaaba barataa irratti sadarkaa tokkoffaan qabiyyee barnootaa xiyyeeffannoo argateedha.Kunis, qabiyyee kitaabaa kahaman keessaa 1214/52.90% uwwise argama.Qormaata biyyooleessaa qophaa’e dhiyaate keessatti immoo, 20/25% qabachuun sadarkaa lammaffaarratti argama.Qabiyyee dandeettii dubbisuu ilaalchisee hanga tokko walsimannaa kan qaban ta’anis bakka bu’insaafi walgitiinsa qaban jechuun hindandeessisu. Sababni isaas kitaaba barataa kutaa kanneen keessatti dubbisa kudha saddeet kanjiraniifi isa jalatti gaaffiiwwan 1214 kanqabataniidha. Kanarraa ka’uun, dandeettii dubbisuu jalatti gaaffiiwwan qormaata biyyooleessaa keessatti dhiyaatan gahaadha jechuun nama rakkisa.

Dandeettiiwwan dubbachuu, dhageeffachuufi barreessuu kitaaba barataarratti 13/0.57%, 113/4.92%fi 97/4.22% ta’uun uwwisa kanargataniifi sadarkaa torbaffaa, afraffaafi shanaffaa qabatanii jiru. Haata’u malee, qormaata biyyooleessaa irratti qabiyyeen kun gonkumaa uwwisa kan hinarganne ta’uu ilaallameera. Kanaafuu, qabiyyee kanneeniin kitaabni barataafi qormaanni biyyooleessaa walsimannaa kanhinqabne ta’uu beekameera.

Qabiyyee caaslugaa ilaalchisee kitaaba barataa irratti dandeettii dubbisuutti aanee sadarkaa lammaffaa qabachuun uwwisa 572/24.92% argate jira.Qormaata biyyooleessaa keessatti uwwisa 35/43.75% qabatee sadarkaa tokkoffaarratti xiyyeeffannoo ol aanaa argate jira.Qabiyyee kana keessatti qormaanni kitaaba barataa wajjiin hanga tokko walsimate jira.Gaaffiiwwan kun bakka bu’insaa, walgitaa ta’uufi ta’uu dhabuu mirkaneeffachuuf sakatta’a godhameen qabiyyeen barnootaa tokko tokko kitaaba barataa irratti uwwisa bal’aa argatanii qormaata biyyooleessaa irratti immoo gonkumaa kan hin tuqamne jiraachuu ilaallameera. Fakkeenyaaf, hennaa yoo fudhanne kitaaba barataa keessatti gaaffiiwwan qabiyyee caaslugaa ilaallatan 572/24.92% keessaa gaaffiiwwan 103/18% kan qabate yoo ta’u, qormaata biyyooleessaa keessatti gonkumaa kan hinjirre ta’uu beekameera.Fakkeenya biroos yoo ilaalle kitaaba barataa irratti qabiyyeen tishoo uwwasa 44/7.69% kan qabate yoo ta’u,qormaata biyyooleessaa irratti gonkumaa kan hinjirredha.Akkasumas kitaaba barataarratti qabiyye jiru kan qormaata irratti hintuqamne

jira.Isaanis:qabiyyee sababaafi bu'aa, yaada haqaafi dhuunfaafi dhamjechadha.Karaa biraatiin qabiyyee caaslugaa ta'ee kitaaba barataarra hinjirre qormaata biyyooleessaarratti bahe jira.Innis qabiyyee dhamsagaati.

Fakkeenya, gaaffii '74'

74. Jechi 'amanamummaa' jedhu dhamsaga (qube) meeqa qaba?

A.11 B.5 C.6 D.4

Kanarraa ka'uun qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa qormaata biyyooleessaa irra jiraatus walsimannaan isaa guutumaan guutuutti jira jechuun hindanda'amu.

Hiikni jechootaa kitaaba barataarratti uwwisa 85/3.7% qabachuun sadarkaa jahaffaarratti kan argamu yoo ta'u, qormaata biyyooleessaarratti 10/12.5% uwwisuun dhumaarratti sadaffaarratti argama. Qabiyyeen kun kitaaba barataafi qormaata biyyooleessaa irra jiraatu illee walsimannaan isaa amansiisummaa hinqabu. Sababni isaas walgitiinsa kan hinqabne ta'udha. Qormaata biyyooleessaa irratti xiyyeeffannoo ol aanaa kanargate yoo ta'u, kitaaba barataarratti garuu gadi aanaa dha.

Qabiyyee afoolaa ilaalchisee kitaaba barataa keessatti 201/8.77% uwwisuun sadarkaa sadaffaarra kan jiru yoo ta'u,qormaata biyyooleessaa irratti 15/18.75% ta'uun sadarkaa sadaffaarratti argama.Kanarraa ka'uun walsimannaa isaa yoo madaalle hanga tokko ni qaba.Qabiyyee kun kitaaba barataarratti uwwisni kennameefi qormaata biyyooleessaa irratti gonkumaa kan hindhiyaanne jiru. Fakkeenyaaf qabiyyee hiibboo, geerarsaafi sheekkoo yoo fudhanne kanhinjirre ta'uu argina.

Walumaagalatti kitaaba barataa kutaa 9^ffaa fi 10^ffaa qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa wajjiin walbira qabuun yemmu ilaallu, qabiyyeen tokko tokko kitaaba barataarratti kahamee qormaata moodeelaafi biyyooleessaarratti gonkumaa kanhinjirre argina. Isaanis: dandeettii dubbachuu, dhageeffachuufi barreessuudha.Qabiyyeen kunniin kitaabni barataa qormaata moodeelaa fi biyyooleessaa wajjiin walsimannaa gonkumaa hinqaban. Karaabiraatiin qabiyyeen qormaata moodeelaafi biyyooleessaarra jiru kitaaba barataarra kanhinjirre jira.Innis qabiyyee waliin dubbiiti.Kanaan illee walsimannaa kanhinqabne ta'uu beekameera.

Gama qabiyyee dandeettii dubbisuu, caasluga, hiika jechootaafi afoolaa yoo ilaalle, kitaaba barataa, qormaata moodeelaafi biyyooleessaarra kanjiran yoo ta'u walsimannaan isaa garuu bakka bu'insa, walgitiinsafi amanamummaa kan hinqabnedha. Fakkeenya fudhannee yoo ilaalle kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa irratti qabiyyeen xiyyeeffannoo ol aanaa kennameef dandeettii dubbisuuti.Qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa kanargate immoo qabiyyee caaslugaati.

### 4.2.8 Walsimannaa qabiyyee qormaata moodeelaa bara2008 qormaata biyyooleessaa bara 2008 wajjiin qabu.

Gabatee 4 jalatti qormaata moodeelaa keessatti qabiyyeewwan barnoota afaanii maalfaa akka jiran ilaalameera.Qabiyyeen barnoota afaanis: dubbisuu, dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuu, Caasluga, hiika jechootaafi afoola kahame jira. Akkasumas gabate 5 jalatti qabiyyeewwan qormaata biyyooleessaa keessatti argaman kahamaniiru. Qormaanni kunneen walsimannaa qabaachuu isaanii ilaaluuf sakatta'amu qabu.

Kanaafuu, qabiyyee qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa sakatta'uuf gabatee armaan gadii kanarratti gaaffiiwwan dhiyaatan lakkoofsaaniifi dhibbeentaan kahamaniiru

**Gabatee 8: Qabiyyeefi Gaaffii qormaata moodeelaafi biyyooleessaa**

| T.L | Qabiyyeewwan | Baay'ina gaaffiiwwan qormaata moodeelaa | | Baay'ina gaaffiiwwan qormaata biyyooleessaa | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Lakk. | % | Lakk. | % |
| 1 | Dubbisuu | 11 | 13.75 | 20 | 25 |
| 2 | Caasluga | 44 | 55 | 35 | 43.75 |
| 3 | Hiika jechootaa | 10 | 12.5 | 10 | 12.5 |
| 4 | Afoola | 15 | 18.75 | 15 | 18.75 |
| | **Ida'ama** | **80** | **100** | **80** | **100** |

Odeeffannoo gabatee armaan oliirratti hundaa'uun qabiyyeen qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa wajjiin walsimannaa qabaachuu isaanii akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalameera.

Qabiyyeen dandeettii dubbisuu ilaalchisee qormaata moodeelaa keessatti 11/13.75% uwwisuun sadarkaa sadaffaa kan argate yoo ta'u,qormaata biyyooleessaa keessatti sadarkaa lammaffaan uwwisa 20/25% qabate jira.Qabiyyee kana yemmu ilaallu qormaata biyyooleessaa irratti xiyyeeffannoo ol aanaa kan argate dha.Qormaata moodeelaarratti immoo gadi aanaa ta'uu agarsiisa.Karaa biraatiin qormaata moodeelaa irratti mata dureen dhiyaate dubbisa armaan gadii dubbisuun deebii sirrii ta'e fildhu kan jedhu yoo ta'u, qormaata biyyooleessaa keessatti garuu, dubbisa garagaraa lama: hololoofi walaloon kan dhiyaateedha.Kanarraa ka'uun qabiyyeen dandeettii dubbisuu qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa walsimannaa amanamummaa hinqaban.Lachuurrattu uwwisni jiraatus bakka bu'insaafi walgitiinsa hin qabu.

Dandeettiiwwan afaanii hafan (dubbachuu, dhageeffachuufi barreessuu) qormaata moodeelaafi biyyooleessaa irra illee hinjiran.Kanaaf qormaanni kunniin dandeettiiwwan kanneeniin uwwisa kennuufi dhabuun walsimannaa qabaachuu agarsiisa.

Qabiyyee caaslugaa qormaata moodeelaa keessatti uwwisa 44/55% argachuun sadarkaa tokkoffaarratti xiyyeeffannoo ol aanaa kanargate yoo ta'u, qormaata biyyooleessaa keessatti 35/43.75% uwwisuun sadarkaa tokkoffaarra jira. Qabiyyeen kana irratti qormaata moodeelaa qormaata biyyooleessaa wajjiin walsimannaa harka irra caaluu qabu. Haata'u malee, walgitiinsa irratti xinnoo nihafa. Qormaata moodeelaa keessatti gaaffiiwwan dhiyaatan 80 keessaa caaslugni 44 yoota'u, qormaata biyyooleessaa keessatti gaaffiiwwan dhiyaatan 80 keessaa 55dha. Lakkoofsa kanneen gidduu garaa garummaatu jira. Akkasumas, qabiyyee caaslugaa ta'ee, qormaata moodeelaarratti bahe qormaata biyyooleessaarratti hinbaane jiru. Isaanis, dhamjecha, tishoofi hennaa yoo ta'an, qormaata biyyooleessaarra jiraatee moodeelaarra hinjirre jiru. Isaanis gaalee, bamaqaa, ciroo, sagaleefi dhamsaga. Kanaaf, walsimannaa guutumaan guutuutti qaban jechuu hindanda'amu.

Qabiyyee hiika jechootaa yoo ilaalle, qormaata moodeelaarratti uwwisa 10/12.5% argachuun sadarkaa afraffaarra jira. Qormaata biyyooleessaarratti illee 10/12.5% uwwisuun sadarkaa afraffaarratti argama. Qabiyyee kanaan qormaanni moodeelaafi biyyooleessaa walsimannaa guutumaan guutuutti qabu.

Qabiyyee afoolaa ilaalchisee, qormaata moodeelaa keessatti 15/18.75% uwwisuun caaslugaatti aanee sadarkaa lammaffaa yemmu qabatu,qormaata biyyooleessaarratti 15/18.75% uwwisuun sadarkaa sadaffaarra jira.Qabiyyee kanaan sadarkaan irra jiran garaagarummaa qabaatus baay'ina gaaffiiwwaniin walqixa waan ta'aniif, guutumaan guutuutti walsimate jira jechuun nidanda'ama.

Walumaagalatti walsimannaa qabiyyee qormaata moodeelaa qormaata biyyooleessaa wajjiin qaban yemmu ilaallamu, qabiyyeen hedduun guutumaan guututti kanwalsimatee dha. Qabiyyeen kunniinis hiika jechootaafi afoola yoo ta'an, qabiyyee dandeetti dubbisuu yoo ilaalle walsimannaan isaa walgitiinsa hinqabu. Qabiyyeen caaslugaan irra caalaatti kanwalsimatu ta'uu beekameera.Akkasumas, dandeettii dubbachuu, dhageeffachuufi barreessuu qormaata lachuurrattu kanhindhiyaanneedha.

#### 4.2.9 Qaacceessa Odeeffannoo Afgaaffii Ogeessa Qormaataa

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf meeshaalee ragaa ittiin sassaabbame lama yoo ta'u, innis sakatta'insa sanadaafi afgaaffii bakka bu'aa ogeessa qormaata moodeelaa qopheessu wajjiin taasifameedha. Meeshaalee kanneen 4.2 irratti sakatta'insa sanadaa kangaggeeffame yoota'u, ragaan sakatta'insa sanadarraa argame hangam takka qabatama ta'uufi ragaa sanadarraa argame jajjabeessuuf afgaaffii bakka bu'aa ogeessa qormaata moodeelaa qopheessu wajjiin godhame jira.

Gaaffii 1ffaa– Qabiyyeen kitaaba barataa qormaata moodeelaa kutaa 10ffaaf dhiyaate irratti uwwifame jira jettanii ni yaadduu?

*Hundas ta'u baatu harka irra caalaan dhiyaate jira jedhee ni amana.*

2ffaa– Sababni guutumaan guutuutti hin uwwifamneef maaliif isinitti fakkaata?

*Kitaaba barataa keessatti irra caalaatti shaakala heddu kanargate irratti xiyyeeffannoo kankennameefi qabiyyeen barnootaa tokko tokko gaaffii qormaata moodeelaaf mijataa haala hintaane waan jiruufi dha.*jechuun deebisaniiru.

Afgaaffii lakkoofsa 1fi2 irraa deebii argame hubachuun akka danda'ameetti qormaata moodeelaa qophaa'anii kennama keessatti qabiyyee kitaaba barataa irra jiru guutumaan guutuutti uwwifamaniira jechuun akka nama rakkisuufi, uwwisa kennuuf yaaliin akka

godhame kan ibsan yoo ta'u, sakatta'insa sanadarraa  bu'aan argame illee akka eerutti qabiyyeen barnoota afaanii hundi qormaata qophaa'e keessatti akka hin uwwifamnedha.

3[ffaa]_Qormaanni moodeelaa qormaata biyyooleessaaf fakkeenyummaa qabaa?

> *Eeyyeen niqaba.Qormaanni moodeelaa biiroo barnoota oromiyaatiin qophaa'e kennamu kanbarbaachiseef kaayyoo isaa galmaan gahuufi. Kaayyoon isaas barattoota oromiyaa keessatti argaman qormaata biyyooleessaaf qopheessuufi.Isa kana gochuuf, qormaanni moodeela bahe kun qabiyyee qormaanni biyyooleessaa qabaachuu danda'ama jedhame amanamu hunda akka ofkeessatti hammatu godhamee jira.Kanaaf, qormaanni moodeelaa qabiyyee qormaanni biyyooleessaa ofkeessatti hammatee waan qabuuf fakkeenyummaa qaba jechuun nidanda'ama* jedhaniiru.

Walsimannaa qabiyyee qormaata moodeelaa qormaata biyyooleessaa wajjiin qaban ilaaluuf yemmu sanadni sakatta'amee, bu'aan argame, qabiyyeen moodeelaa irra caalatti qormaata biyyooleessaa wajjiin firooma qabaachuun isaa mirkanaa'e jira. Akkasumas afgaaffii ogeessa qormaata irraa odeeffannoon argames, kanuma hubachiisa. Kanaafuu qormaanni moodeelaa qormaata biyyooleessaa wajjiin irra caalaatti walsimannaa qabiyyee qaba jechuun nidanda'ama. Haata'u malee ogeessi qormaataa fakkeenyummaa qaba jedhanis, qabiyyee tokko tokko irratti ni hafa.

4[ffaa] - Qormaanni qophaa'ee  barattootaaf erga dhiyaate booda, waa'ee gahumsa qophii qormaataa irratti madaalliin godhamu jiraa? Jedhamee gaaffii dhiyaateef deebiin kenname

*Hanga yoonaatti kun godhamee hin beeku.Garuu gara fuulduraatti kan godhamu ta'a.*jechuun deebii kennanii jiru.

Qormaata qophaa'anii barattootaaf dhiyaatan irratti, madaalliin taasifame jiraachuu dhabuun immoo ciminaafi dadhabina qormaanni qabu adda baasuun ofduratti qormaata qophaa'aniif fooyya'insa tokko tokkoof sirreeffama akka hin godhamneef agarsiisa. Sababni isaas, kitaaba barataa irratti xiyyeeffannoo olaanaa kanargate dandeetti dubbisuu yoo ta'u, qormaata moodeelaarratti seerlugadha.

5ffaa- Qormaanni qophaa’ee kenname kun amaloota qormaata gaarii guuttatanii jiruu?

> *Guutumaan guutuutti ta’us baatu niqabu. Sababni guutumaan guutuutti qabaachuu dhabeef qabiyyeen tokko tokko haala qormaata wajjiin mijataa ta’u dhabuu,yaroon qormaataaf kennameefi baay’inni qormaata irratti bahu walsimachu dhabuu $fkn_f$ kitaaba barataa irratti qabiyyeen baayinaan argamu dandeetti dubbisu yoo ta’u,qormaata moodeelaa irratti immoo seerluga.Dandeetti dubbisuu kan ilaallatu dubbisa muraasaafi gaaffii muraasatu bahu.Kun kanta’eef, yeroon qormaataaf kenname walsimachuu dhaburraayi. Dubbisa bal’aafi gaaffii heddu yoo baasne yeroo bal’aa fudhata.Yeroo qormaata biraatiif kenname irraa adda baha.Kanaaf, dandeetti dubbisuu xiqqaa baasna.Karaabiraatiin seerlugni qabiyyee hedduu of keessatti qabate argama waanta’eef isa keessaa gaaffiin qormaataa heddu bahuun murteessaadha.Kanaaf, qabiyyeen qormaata irratti baheefi qabiyyeen kitaaba irra jiru walsimannaa guutumatti hin qaban waan ta’eef, qormaanni kun amanamummaa, qabatamummaafi barbaachisummaa qaba jechuun kan rakkiseef* jechuun deebisan.

Yaada kanarraa hubachuun akka danda’ameetti qormaanni moodeelaa kitaaba barataa wajjiin irra caalaatti walsimannaa hinqabu waan ta’eef, amala qormaataa kan isa hanqatu ta’uu yeroo nu hubachisu, sakatta’a sanadaa irraa illee wanti argame qormaannifi kitaabni barataa walbira qabame yemmu ilaallamu walsimannaa dhabuun amaloota kanneen akka hinguuttanne taasisa.

6ffaa- Yeroo qormaata moodeelaa afaan oromoo kutaa 10ffaa qopheessitan gabatee gahumsa qormaataa (table of specification) fayyadamu irratti muuxannoo qabduu? Gaaffii jedhuuf bakka bu’aan ogeessa qormaata qopheessuu yoo deebisu, *Eeyyan ni fayyadamna jedhe jira.*

Akka ogeessa qormaata jedhaniitti gabatee gahumsa qormaataa fayyadamuu ibsanii jiru. Haata’u malee, sakatta’insa sanadaarraa bu’aan argame akka ibsutti qormaanni bakka bu’insa fakkeenyummaa keessa akka hin galle agarsiisa.Kun immoo kan agarsiisu, gabatee gahumsa qormaataa fayyadamu irratti hanqinni akka jiru agarsiisa.

7ffaa -Ogeeyyota qormaata qopheessaniif waa’ee qophii qormaata moodeelaa irratti leenjiin kennamu jiraa? kanjedhu yoo ta’u, deebiin kenname, *Leenjiin kenname hinjiru.*jedhaniiru.

Deebii kanarraa hubachuun kandanda'amu leenjiin tokkollee kennamuu dhabuun adeemsa qormaata qopheessuu irratti rakkoowwan tokko tokko mudataniif ka'umsa ta'uu akka danda'u hubachuun nama dandeessisa.

# Boqonnaa- Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa

Ragaawwan qormaata moodeelaafi biyyooleessaa bara 2008 kutaa 10ffaafi afgaaffii bakka bu'aa ogeessa qormaataa irraa funaannaman boqonnaa afur keessatti qaacceeffamanii jiru.Boqonnaan kun immoo cuunfaa, argannoofi bu'aa argannoo qorannichaa irraatti hundaa'uun qaama dhimmi ilaaluuf, yaada furmaataa haala raawwii qorannichaa jajjabeessa jedhameetu walduraa duubaan dhiyaate.

## 5.1 Cuunfaa Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa akkuma boqonnaa tokko keessatti ka'e walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa afaan oromoo,qormaata moodeelaa bara 2008fi qormaata biyyooleessaa kutaa 10 bara 2008 xiinxaluudha.Qormaanni biyyooleessaafi moodeelaa qabiyyee kitaaba barataa wajjiin hariiroo hangam takka akka qaban sakatta'uu,qormaata biyyooleessaafi moodeelaa keessatti qabiyyeen barnootaa hammataman kallatti uwwisa kitaaba barataa wajjiin walbira qabame yoo ilaallamu, walgitiinsa qaban moo walgatiinsa kan jedhu ilaaluun ibsuu,qabiyyeen kitaaba barataa afaan oromoon alatti gaaffiiwwan qormaata biyyooleessaafi qormaata moodeelaa keessatti bahan jiran moo hinjiran? kan jedhu eeruufi qabiyyeen qormaataa moodeelaarratti bahan qormaata biyyooleessaa wajjiin walsimannaa qaban adda baasuun agarsiisuu kan jedhan qabiyyeewwan gooree qabatanii jiru.

Haaluma kanaan, gaaffileen bu'uuraa qorannoon kun kaasee deebii barbaadeef: qabiyyeen kitaaba barataa afaan Oromoofi qormaata moodeelaa bara 2008 walsimataa? qabiyyeen kitaaba barataa afaan Oromoofi qormaanni biyyooleessaa kutaa 10 bara 2008 walsimataa? Qormaata moodeelaa kutaa 10ffaafi qormaata biyyooleessaa kutaa10ffaa bara2008 waliin deemuu? Qormaanni kun lamaan qabiyyee kitaaba afaan oromoo wajjiin hangam walsimata? Qabiyyeen kitaabaa wajjiin kanwalhinsimanne hammami? Gabatee gahumsa qormaataa fayyadamaniiruu? Kanjedhu ture.

Qorattuun qorannoo kana galmaan gahuuf malli ragaa ittiin funaante inni ijoon sakatta'insa sanadaafi dabalataan afgaaffii fayyadamuun odeeffannoo barbaachisoo ta'an sassaabuun dandeeche jirti.Adeemsa ragaawwan sassaabuu, mala iddattoo kaayyoo xiyyeeffate filachuun, hojiirra oolchite yoo ta'u, kunis bara 2008 biiroo barnoota oromiyaan qophaa'ee qormaata moodeelaa kenname, bara2008 dhaabbata qormaataan

qophaa’ee qormaata biyyooleessaa kenname, kitaaba barataa kutaa 9[aa]fi 10[ffaa] akkasumas, biiroo barnoota oromiyaatti bakka bu’aa ogeessa qormaata wajjiin afgaaffii irraa ragaawwan argaman akka madda ragaa garaagaraatti fayyadameera. Ragaawwan maddoota garagaraarra argaman kanneen qaacceessuuf, mala qorannoo makaatti (akkamtaafi hammamtaa) itti dhimma bahame jira.

Madda ragaawwan irraa odeeffannoon argame erga gabateewwan keessatti kahameen booda lakkoofsaafi dhibbeentaan tarreeffamee jira.Kanaaf qabiyyeen kitaaba barataa afaan oromoo moodeelaa bara2008fi qormaata biyyooleessaa kutaa 10 bara2008 wajjiin walsimannaa qabu ilaalchisee bu’aan qorannoorraa dimshaashaan argame akka armaan gadiitti walitti qaban kahuun nidanda’ama.

Waa’ee qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9[ffaa]fi 10[ffaa] afaan oromoo ilaalchisee, odeeffannoon ragaalee irraa argame qaacceeffame jira.Kunis:

- Kitaaba kutaa 9[ffaa]fi 10[ffaa] keessatti qabiyyeen xiyyeeffannoo olaanaa argate dandeetti dubbisuu yoo ta’u, innis gaaffiiwwan dhiyaatan 2295(kuma lamaafi dhibbalamaaf sagaltamshan) keessaa gaaffiiwwan 1214/52.90% qabiyyee kana keessatti uwwifamuun isaa irra caalaatti dandeettiiwwaniifi damee beekumsaa kan ta’an keessaa dandeettiin dubbisuu uwwisa bal’aa argachuu isaa beeksisa.

Waa’ee qabiyyee qormaata moodeelaa kutaa 10[ffaa] bara2008 ilaalchisee odeeffannoon ragaalee qormaataa irraa argame qaacceffame jira.Kunis:

- Qabiyyee qormaata moodeelaa yoo ilaalle xiyyeeffannoo olaanaa kantaasifameef caaslugaafi. Kunis, gaaffiiwwan waliigalaa dhiyaate 80 keessaa gaaffiiwwan 44/55% kandhiyaate ta’uu nihubatama.

Waa’ee qabiyyee qormaata biyyooleessaa kutaa 10[ffaa] bara2008 ilaalchisee, odeeffannoo ragaalee qormaata irraa argame qaacceeffame jira. Kunis:

- Qormaata biyyooleessaa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa kanargate caasluga yoo ta’u, innis gaaffiiwwan dhiyaatan 80(saddeettama) keessaa 35/43.75% uwwisuun ta’uu nihubatama.

Yaada afgaaffii bakka bu'aa ogeessa qormaataa irraa argame,

- Qormaata moodeelaa qophaa'e kenname keessatti qabiyyee kitaaba barataarra jiru guutumaan guutuutti kanhinuwwifamne ta'uu ibsu. Sababni guutumaan guututti hinuwwifamneef, qabiyyeen kitaaba barnootaa tokko tokko gaaffii qormaata moodeelaaf haala mijataa hintaane waan jiruufidha kanjedhu ibsaniiru.

## 5.2 Argannoo Qorannichaa

Sakatta'a sanadaa kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa, qormaata moodeelaa bara2008, qormaata biyyooleessaa bara2008fi afgaaffii bakka bu'aa ogeessa qormaataa irraa ragaalee waraqaa qorannoo kana keessatti dhiyaatan irratti hundaa'uun argannoowwan armaan gadiirra gahuun danda'ameera.

- Walsimannaa qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa qormaata moodeelaa wajjiin qabu yemmu ilaallamu, kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa kanargate dandeetti dubbisuuti. Qormaata moodeelaa keessatti qabiyyeen xiyyeeffannoo olaanaa argate caasluga. Kanaaf, qabiyyee kanarraa ka'uun walsimannaan isaa amanamummaa kan hinqabne ta'u agarsiisa;
- Kitaaba barataa irratti qabiyyeewwan jiran(dandeetti dubbachuu,dhaggeeffachuufi barreessuu) qormaata moodeelaarra kan hinjirre waan ta'eef, walsimannaa qabiyyee kan hinqabne ta'u bira gahameera;
- Kan qormaata moodeelaarra jiru kan kitaaba barataarra hinjirre jiraachuu;
- Kitaaba barataa irratti qabiyyeewwan argaman, qormaata biyyooleessaarra kan hinjirre argamuun irra gahame jira.Akkasumas, qormaata biyyooleessaarra kan jiru, kitaaba barataarra kan hinjirre argamuun beekkameera.
- Gama qabiyyee dubbisuu, caasluga, hiika jechootaafi afoola yoo ilaalle, kitaaba barataa, qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessa irra kanjiran ta'us, walsimannaan isaanii garuu bakka bu'aa,walgitiinsaafi amanamummaa kan hinqabne ta'uu,
- Walsimannaa qabiyyee qormaata moodeelaa qormaata biyyooleessaa wajjiin qaban, yemmu ilaallamu qabiyyee hedduun kanwalsimatudha. Haata'u malee qabiyyee tokko tokko biratti hanqinni jiraachuu,

- Gabatee gahumsa qormaataa fayyadamu irratti odeeffannoo afgaaffii irraa argameen fayyadamna jedhanis, sakatta'insa sanadaarraa akka hubatameetti fayyadamiinsa irratti hanqinni jiraachuu agarsiisa.
- Hayyoota qormaata qopheessaniif leenjiin qophaa'insa qormaataa irratti leenjiin kenname jiraachu dhabuu,
- Qormaata qopha'ee kenname irraa duubdeebii baratarraa fudhachuun madaalliin kan hingaggeeffamne ta'uu irra gahame jira.

**5.3. Yaada Furmaataa**

Qormaanni moodeelaa kutaa 10^ffaa fi qormaanni biyyooleessaa gosa qormaata gahumsaa jalatti kan ramadamaniidha. Qormaanni gahumsaa yemmu qophaa'u immoo silabasii barnootaafi kitaaba barataa bu'uura godhachuun qophaa'u. Haalli kunis boqonnaa lama keessatti ibsameera. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, qormaatonni qabiyyee kitaaba barataa wajjiin walsimannaa qaban, xiinxaluufi qabiyyeen qormaata keessatti uwwifaman qabiyyee kitaaba barataa irratti uwwisni kennameefin walgitiinsa bakka bu'aa argatanii jiruu? yookiin hin argannee? Kan jedhu yoota'u, bu'aa qorannoorraa argame bu'uureeffachuun, yaada furmaataa kana kahee jira.

- Dandeettii afaanii keessaa, qabiyyeen dubbisuu kitaaba barataa kutaa 9^ffaa fi 10^ffaa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa kan qabuufi gaaffiiwwan heddu kan keessaa bahe ta'uu, qaacceessa irraa hubadhe jira. Qormaata moodeelaa fi qormaata biyyooleessaa keessatti garuu dameewwan beekumsaa keessaa qabiyyee caasluga dha. Qabiyyeewwan kanarraa ka'uun qormaanni moodeelaafi biyyooleessaa kitaaba barataa wajjiin walsimannaa kan hinqabne ta'u, agarsiisa.Kanaaf, qabiyyee kitaaba barataa irratti xiyyeeffannoo olaanaa argate kana qormaata moodeelaafi biyyooleessaa irratti illee xiyyeeffannoo olaanaa kennamuufi osoo danda'ame;

- Qormaata moodeelaafi biyyooleessaa keessatti dandeettiiwwan afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuufi barreessuu) gaaffiiwwan qabiyyee madaaluu danda'u akka hinjirre bu'aa qorannoon mirkanaa'e jira. Haalli kunis barattoonni qabiyyee dandettii dhaggeeffachuu, dubbachuufi barreessuuf xiyyeeffannoo akka

hinkennine taasisa. Dabalataanis, qabiyyee kanneeniif sadarkaa xiyyeefffannoo kennamuufi qabu gadi buusa. Rakkoo kana hiikuuf dandeettiiwwan kanneen qabiyyeewwan ilaallatan dhibbeentaa muraasaan sadarkaa mana barumsaan akka qoraman gochuun firiin argame qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa wajjiin akka ida'amu haalli mijataan osoo uummamee gaariidha. Akkasumas, dandeettiiwwan kanneen qoruuf meeshaalee teknolojii hammayyaa nu barbaachisu. Sababnisaas barattoota biyyatti keessa jiran iddoo jiranitti yeroo tokkoon waliin gahuu waan danda'amuufi. Kanaafuu meeshaalee ammayyaa kana bituun osoo danda'amee,

- Qabiyyeewwan kitaaba barataarra jiran hunda hanga danda'ameen qormaata moodeelaafi biyyooleessaa irratti illee osoo bahee,akkasumas qabiyyee kitaaba barataarra hinjirre, qormaata moodeelaafi biyyooleessaarratti osoo bahuu baate gaariidha,
- Qabiyyeewwan kitaaba barataa,qormaata moodeelaafi qormaata biyyooleessaa irra jiranis, hangi gaaffiin keessaa bahe walsimataa osoo ta'e,
- Qabiyyeewwan qormaata moodeelaafi biyyooleessaa keessa jiran irra caalaatti walsimatanis qabiyyeewwan muraasa keessatti hangi gaaffiiwwanii walcaala. Kanaaf, qabiyyeewwan muraasa kanaanis osoo walsimsiisanii qopheessanii gaariidha,
- Deebii afgaaffii irraa argameen as dura hayyoonni qormaata qopheessan qormaata qophaa'e kenname irratti madaalli adeemsiisanii kanhinjirre ta'uu ibsaniiru.Gara fuulduraatti qormaanni barattootaaf erga dhiyaate booda madaallii gaggeessuun duubdeebii madaallii irraa argameen cimina qaban itti fufuun dadhabina isaanii immoo, sirreeffama itti gochuun, gara fuulduraatti qormaata qophaa'uuf akka itti hindeebi'amne gochuun otoo danda'amee,
- Hayyoota dhimmi qormaata biyyooleessaatiifi qormaata moodeelaa qopheessuun isaan ilaallatu, haala qophii qormaata kanneen irratti rakkoowwan mul'atan hiikuuf kandandeessisu leenjiiwwan adda addaa otoo qophaa'ee kennameefi.

**Wabiilee**

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa*: QorannooHujoo. Finfinnee Mega printing press.

Alderson, J.C. Clapham, C and Wall, D. (1995).*Language Test Construction and Evaluation Cambridge*: Cambridge University press.

Bachman, L.F. (1990). *Fundamental consideration in Language Testing*. Oxford: Oxford university Press.

Baker, D. (1989). *Language Testing*: A critical Survey and Practical Guide. London: Edward Arnold.

Brown, D.J. (1994).*Principles of Language Learning and Traching*.NewJersey: Prentice Hall Regents.

________. (1996). *Testing in Language Programs*. New Jersey: Prentice Hall Regents.

Canale, M. and Swain, M. (1980). *Theoretical Bases OfCommunicative Approaches to Second Language Teaching and Testing*. In Applied Linguistics. Vol. 1, No.1

Dastaa Dassaaleny. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Boolee.

Desalegn Chalchisa and Girma Lemma, (2009). *Measurment and Evaluation Manual For Higher Education Inistitution:* Addis Ababa University: AAU printing press.

Fulcher, G. and Davidson, F. (2007). *Language Testing and Assessment*. Great Britain: Routledge.

Girmaa Ittaanaa (2007). "Gahumsa Qabiyyee Qorumsa AfaanOromoo Kutaa 10$^{ffaa}$ Barsiisaa Dareen Qophaa'e: Manneen Barumsa Sad.2$^{ffaa}$ Godina Wallaggaa Lixaa Keessaa Filataman" Waabeffachuun. (kan hinmaxxanfame M.A. guuttachuuf kanqophaa'e). Finfinnee, Addis Ababaa Yuunivarsitii

Harrison , A.(1983) .*A Language Testing Hand Book* . London: McMillan publishers.

Heaton ,J.B.(1975). *Writing English Language Tests .London:* London Group Limited.

_________. (1988).*Writing Engilsh Language Test*: A practical Guide to Teacher of Engilsh as asecond or foreign language.Landon: Longman Group Ltd.

